



Waa'ee ITOOPHIYAA
Guyyaa tokkotti irra deebiin
seenaa haa hojjennu!

**Guyyaa tokkotti
biqiltuuwan miliyoona**

500

Biqiltuuwan miliyoona 500
Guyyaa tokkotti dhaabna
Ashaaraa Magariisaa keenya ni keenya!

Adoolessa 10 bara 2015
Aduun baatee hanga dhiitutti Itoophiyaanoni
hundinuu mana hin oolan!!

Suuraa: DhPI



**“Waan gad
dhaabantu
nama dhaaba”**

- *Abbaa Gadaa Maccaa
Warqinaa Tarreessaa*

fuula 14

Dhaabbii biqiltuu iftaaniitiif qophiin xumuramuu naannoleen ibsan

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Waamicha guyyaa tokkotti biqiltuu
miliyoona 500 dhaabuuf Ministirri Muum mee
Doktar Abiyyi Ahmad dhiyeessaniifi iftaan

mataduree, “Borii keenya har’aa haa dhaabnu”
jedhuun adeemsifamuuf qophii xumuruusaanii
naannoleen beeksisan.

Mootummaan Naannoo Sidaamaa, Amaaraa,
Gaambeella, Beenishaangul Gumuzi,

Sidaamaafi Kibbaa waamicha Ministira
Muummeedhaan dhiyaate ilaalchisuun
ibsa addatti Dhaabbata Pirreesii Itoophiyaaf
kennaniin, Wiixata dhufu, Adoolessa 10 bara

Gara fuula 14tti

Komishinichi hidhattoota hidhannoo hiikkatan kuma 75 deebisee dhaabuuf hojjetaa jira

Rippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Hanga baatii Muddee bara 2016ti
loltoota hidhannoo hiikkatan kuma 75 deebisee
dhaabuuf hojjetaa jiraachuu Koomishiniin
Haaromsa Biyyalessaa ibse.

Komishinichi waltajji marii Dhaabbilee Siviili
Hawaasaa waliin haala loltoota hidhannoo
hiikkatan deebisanii itti dhaabuu irratti marii
taasiseen, loltoota naannoo Tigiraayi hidhannoo

hiikkatan kuma 50fi kanneen naannolee biroo
kuma 25 hanga baatii Muddee bara 2016ti
deebisee kan dhaabuuf ta’aa.


Komishinarii Komishinichaa Ambaasaaddar
Tashoomaa Toogaa waltajjicharratti akka
dubbatanitti, loltoota hidhannoo hiikkachiisuufi
deebisanii ummatatti makuun hojji mootummaa
qofaaf dhiifamu osoo hin taane tumsa qaama

Gara fuula 14tti



**Oromiyaatti hojjettoota
ragaa barnootaa sobaatiin tajaajilaa
turan kuma 12, Somaaleetti 700 irratti
tarkaanfiin fudhatame**

fuula 2



ODUU



Obbo Yaa'iqoob Taaddasaa

Oromiyaatti hojjettoota ragaa barnootaa sobaatiin tajaajilaa turan kuma 12, Somaaleetti 700 irratti tarkaanfiin fudhatame

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Oromiyaatti barana qofa hojjettoota kuma 12 ol ragaa barnootaa sobaatiin tajaajilaa turanirratti tarkaanfiin seeraa fudhatamuu Biirroon Pablikii Sarvisiifi Misooma Qabeenyaa Namaa Oromiyaa beeksise. Ragaan barnootaa hojjettoota guutuu Oromiyaa qulqulleessuuf sochiin taasifamaa jiraachuuus ibsaniiru.

Hogganaa ittaanaan biirichaa Obbo Yaa'iqoob Taaddasaa ibsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyatiif kennaniin akka jedhanitti, barana ragaa hojjettootaarratti sakatta'iinsa jabaa taasifameen namoota ragaa barnootaa sobaatiin faayidaa hinmalle argataa turan kuma 12 irratti tarkaanfiin hojiirraa gaggeessuufi bakka maluufitti gad buusuu fudhatameera.

Oromiyaan bara 2009 irraa eegalee duula ragaa barnootaa qulqulleessaa jiraachuuus yaadachiisani; osoo sakatta'iinsi hingodhamin hojjetaan matumasaatiin akka of saaxilu carraa kennameen hojjettootni ragaa barnootaa sobaatiin tajaajilaa turan 6,746 adda ba'anirratti tarkaanfiin fudhatameera jedhan.

Akka isaan jedhanitti, labsii lakkofsa 24/20 bara 2015 ba'een hojjetaan tokko yakka sassaabdummaa kiraa jechunis aangoo seeraan ala fayyadamee abbaa dhimmaa miidhu, matta'aa fudhatuufi ragaa barnootaa sobaatiin tajaajilu araarama tokko malee hojiirraa gaggeeffama. Hojjetaan kun eessattiyyuu akka hinmindeeffamneef ragaansaa hanga federaalaatti galmeec gurraachaan hidhama.

Ragaa barnootaa hojjettoota guutuu Oromiyaa qulqulleessuuf sochii eegalameen hanga ammaatti ragaalee hojjettootaa 4,445 dhaabbilee barnoota olaanaa mootummaafi dhuunfaa kanneen magaalota Naqamtee, Najoofi Mojoo akkasumas aanaalee 14 godinaalee 14 keessaa filatamanirraa walittiqabaman teknolojin deeggaramanii secca'aa jiraachuuus Obbo Yaa'iqoob hubachiisaniiru.

Ittifayyadama humna namaatiin walqabatee yeroo ammaa Oromiyaan hojjetaa ga'aa, kuma 600 ol waan qabduuf hojjetaa jirutti qixa sirriin fayyadamuufi bu'aaqabeessa taasisuuf bakka hojiin baay'atutti tarsimoon hojjetaa sochoosuu hojiitti kan hiikamu ta'uus beeksisaniru.

Haaluma walfakkaatuun, caasaa hojjettootaa naannichatti hojjetameen walqabatee namootni 700 ragaa barnootaa sobaatiin tajaajilaa turuufi baranas sochii

Qellem Wallaggaa godina misoomaafi nageenyaa taasisuuf tumsa hundaa barbaada

Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Godinaalee Oromiyaa rakkoo nageenyaa qaban keessaa godinni Qellem Wallaggaa isa tokko. Rakkoo nageenyaaarraa kan ka'e hawaasni godina kanaa ofirraa bu'ee fayyadumummaa misooma mirkaneeffachuurrtti danqama guddaa qaba.

Haala nageenyaaafi misooma godinicha ilaachisee Dhaabbatni Pireesii Itoophiyaa Itti gaafatamaa Waajjira Bulchiinsaafi Nageenyaa godinicha Obbo Tasammaa Waariyoo waliin tutti taasiseera.

Akka isaan jedhanitti, ABO Sheneen hojji misoomaafi nageenyaa godinicha gufachiisuuf yeroo garagaraa aggaammii taasisus kutannoo ummata godinichaaf qindoomina qaamolee nageenyaa qolatamee hojiin misoomaa haala idileen taasifamaa jira. Nageenyi godinichaas waggoottan lamaan sadanii as haala fooyya'aarra jira. Pirojektoota gurguddoon ijaarsisaanii xumuramee tajaajilaaf ga'uudanda'aniiru.

Tibba kana aggaammii ABO Sheneen aanaalee godinicha lama keessatti taasisus kan ibsan Obbo Tasammaan, ta'us ijaarsa ummataa, milishaa, gaachana sirnaafi qaamolee nageenyaa waloon aleelamee boodatti deebi'uun yeroo ammaa kana ummatni aanaalee kanneenii hojji misoomaa idileesaarra jiraachuu dubbataniiru.

Ammaan tana aanaalee 12 godinichi qabu keessatti caasaan mootummaa hojji idileesaa



Nageenyaa godinicha caalaatti cimsuuf mariin murteessaadha

hojjechaa jiraachuu himanii, bakka tokko tokkotti rakkoo salphaan jiraatus dheebeu misoomaa kan qabu ummatni godinicha farreen nageenyaa qolachaa hojji misoomaa finiinsaa jiraachuu ibsaniiru.

Daandiin aanaa Anfilloofi naannoo Gaambeella walqunnamsiisu kan yeroo dheeraaf cufamee tures hojji nageenyaa bal'inaan hojjetameen yeroo ammaa banamee ummatni sochii dinagdee hawaasummaa haala gaariin gaggeeffachaa jiraachuu himanii.

Godinni Qellem Wallaggaa godina qabeenya uumamaan badhaateefi waa hundaa magarsitu ta'u eeranii, haa ta'uutii, godina badhaatuu kanatti rakkoo farreen nageenyaa uumanirraa kan ka'e omishaafi omisummaa haala eegamuurra akka

hinjirre akkasumas, gaaffii misoomaa ummata godinicha kan ta'e ijaarsi daandii asfaaltii godinichaaf naannoo Gambeella walqunnamsiisu danqaa ABO Sheneen addaan cite jiraachuuus ceraniiru. Ijaarsa daandii kana itti fufsiisuuf qamaa dhimmi ilaaluu waliin mari'achaa jiraachuuus yaadachiisaniiru.

Boora'uun nageenyaa gaaga'ama roga maraa inni fidu ummata godinicha caalaa kan hubatu hinjiru jedhanii, mootummaanis gaaffii misoomaafi nageenyaa deebisun sochii taasisaa jiru dachaan dabaluu akka qabu gaafataniiru. Pirojektoota addaan citan itti fufsiisuufi ta'ee pirojektoota haaraa yaadam galmaan ga'uuf ummatni haala kamuu keessatti tumsa barbaachisuuf qophii ta'uus hubachiisaniiru.

"Mindaan baatii sadii nuu hinkanffalamne"

- Hojjettoota

"Mindaan baatii Caamsaa gara baankiitti ergameera"

- Warshaa Sukkaaraa Fincaa'aa

Gammachu Kadiriin

Finfinnee: Sababa rakkoo elseerummaan mindaan baatilee sadii nuu hinkanffalamne jechuun hojjetootni warshaa Fincaa'aa ibsan. Mootummaan rakkosaaniif furmaata akka kennis gaafatan.

Nageenyaaaf maqaan koo akka hindha'amne jechuun addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa yaada kan kennan hojjetaa dhaabbataan warshichaa akka jedhanitti, elseerummaa warshichaa keessatti dagaageen mindaan hojjetootaa osoo hinkanffalamni baatii sadii isaa ol lakkofiseera. Hanga oduun kun qindaa'etti mindaan hojjetoota dhaabbataa baatii sadii, kan hojjetoota humnaa baatii afuriif akka hinkanffalamne ibsanii.

Qaama seeraan hidhateen uguramee saamichi warshicharra qaqqabe dhugaa ta'uus mindaan hojjetootaa kan dhaabatee uguricha dura ta'u eeranii, guyyaa mindaansaani dhaabaterra eegalee rakkoo hawaasummaa garagaraatiif saaxilamaa jiraachuu himanii. Mootummaan rakkoo



hawaasa warshaa Fincaa'af furmaata akka kennis waamicha dhiyeessaniiru.

Hojjetaan humnaa warshichaa biraan nageenyaaaf jecha maqaan koo akka hindha'amne jechuun yaada dabalaataa kennan akka jedhanitti, mindaan hojjetoota dhaabbataa baatii sadii, kan hojjetoota humnaaf kan baatii afuriif hanga ammaatti hinkanffalamne jedhaniiru.

Sababu kanaan hojjetootni rakkolee hawaasummaa garagaraatiif saaxilamuu himanii; akka mootummaan furmaata kennuufiif gaafataniiru.

Hoji gaggeessaan warshichaa Obbo Mangistuu Hayilamaariyaam gamasaaniin, balaa Caamsaa 12 bara 2015 murna

Gara fuula 14tti

Ijoo Dubbii

Dhaabbii biqiltuu miliyoona 500 irraa hinmafamu

Itoophiyaan Wiixata dhufu cidha guddaa qabdi; cidha dachee bosonni irraa golgolaa'e deebisanii magariisa uwvisuu. Itoophiyaan keessumaa waggoota shanan darbanitti moggaasa ashaaraa magariisa jedhuun marsaa jalqabaatiin biqiltoota biliyoona 25 dhaabdeetti.

Marsaa lammaffaa barana eegalameen biqiltoota biliyoona hedduu dhaabuuf karoorfamee hojji qabatamaatti seenameera. Qaamuma karoora kanaa kan ta'e dhaabbiin biqiltuu guyyaa tokkotti biqiltoota miliyoona 500 milkeessuu Wiixata dhufu, Adooleessa 10 bara 2015 mataduree, "Kun Dhimma Itoophiyaati" jedhuun ni adeemsifama.

Kanuma ka'umsa gochachuun ergaa kan dabarsan Ministirri Muummee Abiyyi Ahmad (PhD), "Guyyaa tokkotti biqiltuu miiliyoona 500 dhaabuun seenaa haa hojjennu; Itoophiyaanoni guyyichatti riikardii haaraa haa galmeessinu" jedhan.

Ashaaraan magariisa nuuf waan hedduudha. Omishumma qonnaa kan guddisu, wabii nyaataa keenya akka mirkaneeffannu kan taasisu, waggatti yeroo lamaa sadii omishnee omisha nyaataa gatti gadaanaan akka argannu, laggeen akka guutan gochuun jallisiifi bishaan dhugaatiin akka addaan hincitne kan taasisuudha. Uwwisa bosonaa dabaluun madaala qilleensaafi nageenyummaa Hidhaa Haaromsaa kan eeguudhas.

'Itoophiyaa Jiituu' jennee kan leellisneef akka dhugoomuuf, seenaa hongeefi beela jedhaman gogsuuf dandeettii kan uumu ta'uudha.

Beeylada lakkofsaan qofa utuu hintaane, bu'aa irraa argamuun addunyarratti akka beekamnu kan taasisu, kuduraafi muduraa, mi'eessituwwan qe'ee keenyatti akka argannu kan taasisuudha.

Galii turiizimii qabeenya uumamaa argamu guddisuuf carraa kan uumu waan ta'eef, ashaaraan magariisa nuyiif waan hedduudha.

Jireenyi dhala namaa bara keenya, jirenya magariisawaadha. Uumama waliin kan waliigale, kan uumamaaf gatii kenuu, uumama keessa kan da'eefateedha. Namni uumama dhabuudhaan gatii hamaa kaffalaa jira.

Dhukkuboota salphaatti irraa fayyuu hindandeenye, haala qilleensaa yeroo yeroon jijiiramu, qaamoleen bishaanii xiqaachuu hir'achuu, cabbiwwan waaltaawwanii baquu, qaroomina dhala namaa gagantarsaa jira.

Kanaaf, ashaaraan magariisa dhaloota boruutif qabeenya dilbiidha. Biyyi dhaalchifnu kan qabeenya uumamaatiin kan eegame ta'u qaba.

Naannawaan keenya jijiiramuun, dhiqamuun biyyee hir'achuu, simbirrooniifi bineensonni deebi'aa jiraachuu, haalli roobaa fooyaa'aa dhufuu agarsiistuu bu'aa hanga ammaatti taasifame keessatti eramu.

Sagantichaan gaarren, qarqarri lageenii, iddoowwan duwwaan mandarootaa, mooran nama dhuunfaa, manneen amantiilee, barumsaafi waajjiraalee, lafa qonnaafi dheedicha beeyladaatiif hinoolle bosonaa uwifamuu qabu.

Warri bakka dhaabu hinqabne meeshaalee garagaraa keessa dhaabuun gamoowwan keenya magariisa uffachuu qabu. Hanga Itoophiyaan waggaa guutuu magariisa uffattutti dhaabbiin biqiltuu ittifufuu qaba.

Kanaafis akkuma kanaan dura guyyaa tokkotti biqiltuu miliyoona 350 dhaabne iftaan, Adooleessa 10, 2015s guyyaa tokkotti biqiltuu miiliyoona 500 dhaabuun seenaa haa hojjennu. Guyyichatti Itoophiyaanoni hundi galmeec haaraa ofi keenya haa galmeessinu.

Hojichi dhimma siyaasaa, paartii ykn sagantaa mootummaati jedhamee kan irraa hafamu otoo hintaane dhimmichi dhimma Itoophiyaa magariisa uwvisuu waan ta'eef amantiifi aadaa, dhaaba siyaasaafi ilaalcha, umuriifi koorniyaa, barnootaafi sadarkaan jirenyaa osoo hinjenne hunduu bariidhaan bahee hirmaachaa ooluu qaba.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata
Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lakk. bilbilaa 011-126-42-08
chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et
Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Opheessitootni:

Saamraawit Girmaa
Natsaannat Taaddasaa
Bayyanaa Ibraahim
Waasihiun Takilee

Adeemsisaai Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaai:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil. 011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii


251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et

Ethiopian Press Agency

Yaada



Fayyummaaf qabeenya uumamaa wajjin araaramuu qaba

Charinnat Hundeessaa

Tibbi gannaam amma keessa jiru yeroo waa'een qabeenya uumamaa kunuunsuu, biqiltuu dhaabuufi kanaan walqabatan bal'inaan ka'aifi irratti hojjetamaa jiruudha.

Doktar Gammadoon hayyuu dhimmoota eegumsa naannawaa, lubbuqabeeyyii, biqiloota biyya keessaafi kkf irratti quuqama guddadhaan hojjetaa jiranifi turaniidha. Turtii tibbana Gaazexaa Bariisaa wajjin taasisaniin faayidaa qabeenya uumamaa eeguufi kunuunsuu qabuufi kkf irratti yaada ittaanu kennanii turan.

Qabeenya uumamaa eeguu

Oggaa waa'ee qabeenya uumamaa eeguu kaasnu dhimmi biqiltoota biyya keessaatu ka'a. Qabeenya uumamaa kan eegnu tajaajilli jirenya hawaasummaa, aadaa, dinagdeefi hafuuraa dhala namaa hundi waan isaan walqunnamanifi. Namni fayyaqabeessa ta'u barbaade qabeenya uumamaa wajjin araaramuu qaba. Sammuun qabeenya uumamaatiin wal'anama. Baasii keenya hunda yoo fudhanne ykn akaakuuwan midhaanii erga dhalanee kaasnee nyaanne haa tarreessinutii, maddi hundasaanii qabeenya uumamaati.

Fakkeenyaaaf xaafii yoo fudhanne akaakuu qabeenya lubbuqabeeyyii Itoophiyaa keessa isa tokko. Kanneen biroos tarreessuun ni danda'ama. Walumaagalatti qabeenya uumamaa eegamuu qaba. Mirga eegamuu qabu. Garuu isaan eeguu kan nu dirqisiisu fayyina, qilleensa qulqulluufi kkf argachuufi.

Biqiltuulee biyya keessaa

Biqiltuuleen biyya keessaa haaluma uumamaasaanii keessatti tajaajila kennaa waan turaniifkan alaa fidneen bakka buusuurra yoo isaanuma fayyadamne hariiroon sun fayyalessa ta'e tajaajila irraa barbaaduun nuu kennu danda'a. Kanaafi, qabeenyawwan uumamaa eeguu qabna kan jennuuf. Oggaa kana jennu garuu akeeka wayitiif, dhimma addaa tokkoof, fedhii addaa indastiriif kan alaa hinfayyadamnu jechuu miti.

Fakkeenyaaaf muka baargamoo otoo dura bu'oonee duraanii Itoophiyaa alaa fidanii Inxooxorra dhaabuu baatanii bakkichi golgolaa'ee magaalaan kun ni bada ture; faayidaa qoraaniif kenuu dabalatee jechuudha. Baargamoodhaan walqabatee waantonni falmisiisoon jiraatanis yoo akeeka wayitiif fidnee dhaabne homaa miti.

Kan biyya keessaa qofa otoo hintaane warri kaanis nu barbaachisu, qoraan fa'iif waan oolaniif. Ummanni biyya keenya baay'een nyaataa kan bilcheeffatu qoraaniini. Qoraaniif ykn indastiriif yaadamee kan alaa galu yoo fayyadamne dhiibbaan qabeenya uumamaarra ga'u ni hir'ata. Iddoon biqiltuu biyya keessaa

ittibarbaaduwaan jiruuf isa achumatti kunuunsuu barbaachisa. Kanneen omishafa'iif barbaadnu ammoo alaa fidnee fayyadamnu dirqama.

Bosona daldala

Keessumaa kanneen bosona dhimma daldalaatiif jedhaman babal'isanii ittifayyadamnu gaariidha. Sababiinsaas ummanni biyya keenya baay'een nyaata bilcheeffachuuf qoraan waan fayyadamnu. Fedhii kana guuttachuu gara qabeenya uumamaa deemuurra kanneen irranatti eeretti fayyadamnu gaariidha.

Waliigalaan qabeenya uumamaa kabajanii fayyadamnu, kunuunsuu, sirnaan qabuun, misooma waaraatiif oolchuun kana qofatu nu baasa jedhamee kan murtaa'u otoo hintaane akkuma haalasaatti kan ilaalamuudha.

Itoophiyaa...

Ani namoota sirriitti Itoophiyaaifi waa'eeshi beekan keessa tokko. Biyyoota addunyaa hedduus argeera. Garuu kan akka Itoophiyatti haala qilleensaafi qabeenya uumamaatiin badhaadhe hinjiru. Qabeenya qabnu kunuunsuu dhabuun keenya aarsaa akkamii nu kanfalchiisa akka jiru namoonni biyyaa bahanii ilaalanii deebi'an sirriitti ibsanii agarsiisu waan hindandeneeyef yoo ta'e malee Itoophiyatti waantonni hundi haala walsimataa ta'en jiru jechuun ni danda'ama; yoo jiraatellee muraasa. Fakkeenyaaaf yeroo ganna Itoophiyatti uffannaa kettaa (shamizii) qofa uffachuu ni danda'ama. Kana kan fide sanyiwwan qabeenya uumamaa biyya keessaati.

Itoophiyaa qabeenya uumamaatiin adduma. Biyyi adda taate tun qabeenya uumamaashii adda ishee taasise addaan baastee beekuu qabdi. Qabeenyashii uumamaa adda ishee taasise sirnaan qabchuun, misoomaaf oolchuun, haala dhaloota ittaanuun kunuunsuu, eeguufi hogganuun, sirna diriirsuun, sirnicha fayyalessa gochuun murteessaadha. Dirqamni kana gochuun ammoo hoggantootaafii lammileeshii harka jira.

Paarkii Michummaa

Paarkii Michummaa fakkeenyumaaf yoo fudhanne, bakka sana dur haalli fooyya'aan akka ture hubachuu nama hinrakkisu. Hanqinni dhiphina bakkaa otoo hintaane rakkoon yaadamaa akka jiruudha kan namatti agarsiisu. Raakkoon yaadamaa kun yoo baadiyyaa ta'e lafa hunda gara qonnaatti, magaalaatti lafa jiru ijaarsaaf oolchurra misoomi uumama wajjin walsimatu karoorfamee hojjetamu qaba. Kunis sirnaan hogganamu qaba. Hojiin akkanaa yeroo murtaa'etti bifaa duulaatiin kan adeemsifamu otoo hintaane sirnaan, hojmaata jaarmiyatiin kan mil'atameefi utubame ta'u qaba.

ODUU



Pirofees Alamaayyoo Gadaa

**Gabaa kappitaalaa
milkeessuuf galii namoota
dhuunfaa guddisuun
barbaachisaadha**

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Karoora gabaa kappitaalaa milkeessuuf galii namoota dhuunfaa guddisuun barbaachisaakka ta'e yunivarsiitii Finfinneetti hayyuun dinagdee Pirofees Alamaayyoo Gadaa ibsan.

Pirofees Alamaayyoon ibsa addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa kennaniin akka jedhanitti, gabaan kaappitaalaa amalasaatiin hirmaannaa namoota hedduu kan gaafatuudha.

Ministri Muummee Doktar Abiyyi Ahimad bara dhufurraa eegalee Itoophiyaa keessatti sirni gabaa Kappitaalaa hojitti akka hiikkamu ibsuun walqabatee sirni gabaa kun qixa barbaadamuun hojitti yoo hiikkame invastaroota biyya alaa harkisun diinagdee biyyattii guddisurratti shoora olaanaa akka qabu hayyuun kun dubbataniiru.

Gabaa meeshaleetii akkuma daldalli meeshalee garaagaraa raawwatamu gabaa kappitaalaa keessatti immoo daldala aksiyonatu taasifama jedhanii; daldala aksiyonaa taasifamuun galii biyyattii guddisuf dhaabbileenifi namootni dhuunfaan aksiyona bitatanii fi gurguran baay'inaan jiraachuu qabus jedhaniiru. Milkaa'inasafis aadaan qusannaafi humni qusannaamnamoota dhuunfaas ta'ee kan dhaabbilee guddachuu akka qabus hubachiisaniiru.

Kana malees gabaa kappitaalaa finiinsuuf wanti daldalamus jiraachuu qaba kan jedhan Pirofees Alamaayyoon; biyyootni Afrikaa kan akka Ruwaandaa, Ugaandaa, Taanzaaniya, Gaanaa, Naayjeeriyya, Afrikaa Kibbaa, Gibxiifi Keeniyan sochii gabaa kaappitaalaatiin muuxanno olaanaa qabaachuu yaadachiisaniiru.

Haa ta'u malee, wanti daldalamu biyyoota kunneen keessatti lakkofsaan xiqaqa waan ta'eef gabaa kappitaalaa kanarraa faayidaan isaan argatanis baay'ee xiqaadha jedhaniiru.

Itoophiyaa keessatti garuu wanti gabaaaf dhiyaatu baay'edha waan ta'eef qixa sirrii yoo irratti hojjetame bu'a guddaa kan fidu ta'u eeranii; baankii dabalatee Itoophiyaa keessatti irra caalatti dhaabbileen kaappitaala gurguddoo sochoosan dhaabbilee mootummaa ta'un sirna gabaa kappitaalaa diriirsuuf sirna gabaa kanaan diinagdee guddisuf biyyattii keessatti akka carraa gaaritti kan gargaaru akka ta'es himaniiru.

Sirni gabaa kun waliin dhahiinsaaf salphaadhumatti kan saaxilamu waan ta'eef waliin dhahiinsa achi keessatti mudachuu danda'u hambisuuf sirna odiiti cimaa kan qabeenyaa dhaabbilee gara gabaa kanaatti galanii ittiin too'ataman diriirsun barbaachisaakka ta'e hayyuun diinagdee kun ibsaniiru.

Gammachu Kadiriin

Finfinnee: Giddugalli Misooma Beeyladaa Qonnaan Bultoota Misoomaaf Qe'eesaaniirraa kaafamanii Finfinnee, Kutaa Magaalaa Aqaaqii, naannawa Koyyee Facceetti ijaarame jireenyasaanii jijiiraa jiraachuu qonnaan bultooni ibsan.

Giddugalichi Dheengadda Kantiibaa Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanach Abeebetiin eebbfamee tajaajilaaf ifa ta'eera.

Kutaa Magaalaa Nifaas Silki Laftoo Aaanaa 01 irraa misoomaaf kan kaafaman Obbo Dirribaa Geetaachoo sirna eebbaa kanarratti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa akka himanitti, giddugalichi abdii jirenyaa isaanitti horeera. Mootummaan deeggarsa qarshii miliyoona 1.5 mijeessuufiin fayyadamo taasisuun ala bittaafi kunuunsa beeyladaarratti ogeessa beeyladaatiin ogummaa taasifamaa jiraachuu dubbatu.

Sheedii kennameef keessatti saawan aannanii 14 horsiisa jiraachuu eeranii; fayyaan loonsanii ogeeyyii giddugalichaatiin waan hordofamuuf omisha sadarkaasaafi qulqullinasaa eeggatte gabaa dhiyeessuu eegaluuu ibsaniiru.

Akka Obbo Dirribaan akka jedhanitti, giddugalichi qonnaan bultoota akkasaanii abdii ta'uusaatiin bu'aan hanga ammaatti argame agarsiftuudha. Dhuunfaatis ta'e akka waldaatti jijiiramuuf kan nama onnachiisudhas.

Kutaa Magaalaa Aqaaqiiirraa qonnaan bulaa Masfin Baacaas gamasaaniin, giddugalichi jirenya qonnaan bulaa jijiiruu shooora qaba.



Sirna eeba giddugalichaa

guddaa qabaachuu ibsanii; mootummaan giddugala hundeesse qarshii miliyoona 1.4 akka argatan taasisuun sheedii kennameef keessatti lukkuu kuma sadiifi 311 horsiisa jiraachuu dubbatu.

Deeggarsi ogeessaafi hogansa giddugalichaan kennamaafii jiru gara fulduraatti omisha sadarkaasaa eeggate gabaa dhiyeessuu kan isaan dandeessitu ta'uus himanii; bu'aahorsiisa lukkuuraa argatanii jirenyasaanii jijiiraa jiraachuu ibsaniiru.

Kantiibaan Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Aadde Adaanach Abeebec sirna eeba giddugalichaarratti argamuun haasawa taasisanii akka jedhanitti, giddugalichi jirenya qonnaan bultoota misoomaaf qe'eesaaniirraa buqqa'an ittifuiinsaan deebisanii dhaabuurratti shoora olaanaa qaba.

Qonnaan bultooni kunneen omisha sadarkaasaa eeggate omishanii gatii madaalawaan gabaa dhiyeessuu qala'iinsa kan tasgabbeessan ta'u eeranii; jiraattonni magaalatti maaddii guutuu quoddachuu kan gargaaru ta'uufi carraa hojii bal'aa dargaggoota naannawa magaalatti jiraniifis kan uumu waan ta'eef waldaaleen giddugalicha cimanii akka hojetaniif waamicha dhiyeessaniiru.

Komishinari Komishina Qonnaan Bulaafi Misooma Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee Baayyu Shugguxesrakkoohawaasdinagdee qonnaan bultoota misoomaaf qe'eesaaniirraa kaafamanii furuuf mootummaan pirojektota garagaraa bocee hojirra oolcha jiraachuu eeran. Isaan keessaa giddugalli misooma beeyladaa Koyyee Facce Isa tokko ta'uus ibsaniiru. Giddugalichi qonnaan bultooni 485 waldaalee 97n gurmaa'anii hojjechaa jiraachuu ibsaniiru.

Oromiyaatti barana biqiltuu muduraa miliyoona 25 oltu dhaabama


Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Naannoo Oromiyaatti bara bajataa 2015tti biqiltuu muduraalee akaakuu garaagaraa miliyoona 25 ol dhaabuuf sochiirra jiraachuu Biirroon Qonnaa Oromiyaa beeksise.

Biirchatti Daarektarri Misooma Muduraa Obbo Taganyi Irranaa ibsa addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa kennaniin akka jedhanitti, naannichi agroo ikoolojii omishaafi omishtummaa muduraaleef daran mijatu qaba.

Kanneen akka carraa gaaritti fayyadamuun muduraalee garagaraa kan akka avokaadoo, muuzii, paappayaa, maangoo, giishxaa, teemirii, zayitunaa, appilii, anaanaasiifi kanneen biroo dhaabuuf qophiin xumuramuun ibsanii, bara bajataa 2015tti biqiltuuwan muduraa miliyoona 41 qopheessuuf karoorfamee miliyonni 37 latuu dubbatu. Kanneen keessas biqiltuuwan muduraa kanneen akka avokaadoo, muuzii, paappayaa, anaanaasiifi, appiliifi kanneen biroo miliyoona 25 ta'an dhaabbiitti jiraachuu himu.

Muduraaleen kunneen isaan argatanis baay'ee xiqaadha jedhaniiru.



Akaakuu muduraalee garagaraa

ibsaniiru.

Kanneen keessaa sadii alergiif kan omishaman yommuu ta'u, kunneen isaabaa idil addunyaarratti daran kan barbaadamanifi bara darberaa eegalee gara biyya alaatti erguun kan jalqabame ta'u kaasu. Omishaafi omishtummaa avokaadoo dabaluuf hojiin avokaadoo diqaalomsuus bu'aab dhaabuurratti argamsiisa jiraachuu biirchi Inistituyutii Qorannoo Qonna Oromiyaa waliin ta'uun avokaadoo miliyoona 1.9 diqaalomsuus himaniiru.

Akkasaan jedhanitti, gama omisha maangoottii sanyii fooyya'aa Giddugala Qorannoo Qonnaa Machaaraatiin bahe bu'aah olaanaa argamsiisa jira. Giddugalichi sanyii fooyya'aa maangoo, 'Tommy Atkins' jedhamu kan omisha gaarii kennuu danda'u qorachuu qonnaan bultoota biratti babal'isuun fayyadamo taasisaa jira.

Qorannoo haaraa taasisuun sanyii muduraalee garaagaraa diqaalomsuuf biyya alaatti fichisiisuun hojjeleen hojetaman jiraatanis ammallee sanyii fooyya'aa muduraa dhiyeessuurratti hanqinni guddaa jiraachuu Obbo Taganyi eeranii.



"Waldhabdee mariidhaan furuun duudhaa Oromoo ganamaati"

- Aadde Masarat Birihaanuu



**Hojiilee guguddoo bara bajataa
2015tti gama dinagdeetiin
Oromiyaatti raawwataman
keessaa**

fuula 8



**Dargaggoota Hararii
tola ooltummaarratti**

fuula 11

fuula 6



**Barreeffamni kun walta'iinsa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaafi
Inistitiyuutii Qorannoo Armaawar Hansan wajjin walta'uun
torban lamatti kan dhiyaatuudha**

Qorattooni Fayyaa Itoophiyaa ofis biyya keessanis fayyadaa jedha Ahariin

Waasihun Takileetiin

Inistitiyuutiin Armaawar Hansan rakkoo fayyaa hawasaa hiikuuf onnatee ka'e qorannoofi wal'aansa dhibee Juuzamiirratti eegale cinaatti, dhibeewwan akka TB, Busaa, Kaansariifi kanneen biroorratti qorannaawwan gara garaa taasisaa of ga'oomsaa jira.

Qorannoontaa fayyaa taasisamu kunis wal'aansa dhibeewwanii kennamu cinaatti kalaqni meeshaalee yaala fayyatiif oolani akka babal'atuufis xiyyeffannoo kennee hojjetaa tureera.

Gama kanaanis bu'aalee onnachisoon kan argaman yoo ta'u, meeshaaleen yaala fayyaa dhibee hir'ina dhiigaa qoratu, daa'imman bifa keeloo qabatanii dhalatan ho'isuuf gargaaru, dhibee kaansarii qoratu kalaquun aantummaa lammileef gama fayyatiin qabu agarsiisa jira.

Muuxannoontaa fayyaa kun yuniversiitii Jimmaa keessatti bu'aaleen galmaa'an daran jajjabeessaafi rakkoo fayyaa hawaasaa hiikuuf keessatti bakkaa olaanaa kan qabaniidha.

Meeshaaleen yaala fayyaa armaan olitti kalaqaman kunnii bakka ibsaan hinjirretti chaarjii ibsarraa fudhataniifi baatiriin tajaajila yaala fayyaa yeroo dheeraaf kennuu kan danda'an waan ta'eef argannoo addaati jechuun nidanda'ama.

Bu'aan argannoo kun akka Itoophiyaatti isa jalqabaa ta'uun kan himan Inistitiyuutii Armaawar Hansan keessatti Qindeessaa Giraandi Chaalenji Itoophiyaa Doktar Shaaloo Dhaabaati.

Akka ibsasaaniitti meeshaaleen yaala fayyaa kalaqamaa jiran haala qabatamaa Itoophiyaa kan giddugaleeffatan yoo ta'u, adda kan isaan taasisu bakka ibsaan jiruttis hinjirrettiis kan hojjetaniidha.

Muuxannoontaa fayyaa kun yuniversiitii Jimmaa keessatti daangahuu waan hinqabneef dhaabbilee barnoota olaanaa keessatti babal'achuu akka qabuuf kallattiin taa'era.

Kanaaf dhaabbileen barnoota olaanaa qorannoofi qo'anno rakkoo fayyaa qabatamaan hiikuuf danda'u hojjetaan warraqsichatti makamuu akka qabu Doktar Shaaloon kaasanii.

Jalqabbiin kun akka babal'atuuf dhaabbilee barnoota olaanaa keessatti warraaqsi gaggeeffamaa kan jiru yoo ta'u, dhiyeessiwwan barbaachisoon deeggaramuu akka danda'aniif haalli mijataan uumameera.

Akkaataa ulaagaa Giraandi Chaalenji Itoophiyaan qorattooni bu'aan qoranno rakkoo fayyaa hiikuuf danda'u hojjetaan ulaagaa taa'e sanaan madaalamanii guutanii yoo argaman deeggarsi maallaqa hoji gaggeessituu olaanaa ta'e kennamaafiira.

Deeggarsi maallaqua taasisamu kun callisee osoo hintaane bu'aan qorannoosaanii hayyootaan madaalamee adeemsa keessa darbuu qabu erga darbee booda kennama jechuudha.

Akka ibsasaaniitti hojii gama kanaanis dura hojjetaman hayyooni qoranno

rakkoo hiikuuf danda'u hojjetaan bu'aadhamateesaanii kan argatan yoo ta'u, dhaabbileen barnoota olaanaa biroos miira aantummaan hojjechuu qabu.

Qorannaan hojjetamu callisee shelfirra kan taa'u osoo hintane adeemsa keessa darbuu qabu keessa darbee rakkoo fayyaa hawaasaa qabatamaan hiikee yoo argame hawaasa gadiirraa kaasee hanga addunyaatti gati qabeessa ta'a jedhu.

Meeshaaleen yaala fayyaa kunnii bu'a qabeessa ta'un rakkoo fayyaa hawaasa Itoophiyaa hiikuurra darbanii baay'ifamuun gabaa biyya alaaf ergamanii sharafa alaa akka argamsiisaniif kan gargaarudha.

Kun waan ta'eef dhaabbileen barnoota olaanaa bu'a yuniversiitii Jimmaa keessatti galmaa'a jiru kana fakkeenyaa godhachun meeshaalee yaala fayyaa rakkoo fayyaa hawaasaa hiikuuf danda'an kalaquun ofis biyyasaaniis akka fayyadan kallattiin taa'ee waan jiruuf of kennanii qoranno rakkoo hiikuuf danda'u hojjechuu barbaachisaadha.

KEESSUMMAA BARIISAA

“Waldhabdee mariidhaan furuun duudhaa Oromoo ganamaati”

- Aadde Masarat Birihaanuu

Waasihun Takileetiin

Dacheen Shawaa Kaabaa biyya gootota Salaalee kanneen akka Jeneraal Taaddasaa Birruu, Agarii Tulluu, Hirkoo Tulluu, Jimaa Tulluu, Irreessaa Abbabaa Biqilaa, Wasanuu Didoo, Hayilamariyaam Gammadaafaa biqilchite seenaa uummata Oromoo keessatti bakka guddaa qabdi.

Gootonni kunnin Oromoofi Oromummaa cimsuun ala seenaa Itoophiyaa biyya keessaafi alatti olkaasuun injifanno cululuqaa galmeessaniiru.

Ummanni hinbaranne mirgasatiif hinfalmatu jechuun dhiibbaa sirnoota darbanii jaarraa tokkoofi walakkaa olif Oromootti ba'aa ta'aa turan ofirraa fongolchuuf barnootatti cimuun murteessaa ta'u Jeneraal Taaddasaa Birruu ummata hubachiisaa turan.

Tattaaffii gootota darbanii akka raacitiitti fayyadamuun Oromoorn sirna jaarraa tokkoofi walakkaa olif itti fe'amee ture ofirraa cabsuun qabeenyasaatti abbaa ta'eera. Mirgi ofiin of bulchuu, qabeenya ofiitti abboomus mirkanaa'eera.

Ta'us ummanni Godina Shawaa Kaabaa gocha suukanneessaa qaamolee seeraan ala hidhatanii socho'anin irratti raawwatamaa jiruun rakkachaa jiraachuudha Miseensi Caffee Oromiyaa Aadde Masarat Birihaanuu kan ibsan.

Dhimma kanaafi kkf irratti xiyyeffachuuu Gaazexaan Bariisaa Aadde Masarat Birihaanuu keessumaasaa maxxansa kanaa taasifateeraa dubbisa gaarii.



Bariisaa: Aadde Masarat Birihaanuu eenyu? Ummata aanaa kami bakka buutan?

Aadde Masarat: Godina Shawaa Kaabaatti Miseensa Caffee Buufata Filannoo Waacaalee Jiddaati. Kanamalees Bulchiinsa Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Lafga Xaafoo Laga Daadhiitti Hoggantuu Waajjira Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii ta'een tajaajila jira.

Bariisaa: Yaada yaa'ii idilee 5ffaa wagga 2ffaa bara Hojji Caffee 6ffaa irratti kaastaniin aanaaleen Godina Shawaa Kaabaa dhabiinsa nageenyaatiin rakkoo keessa akka jiran kaastaniittu. Haall qabatamaan naannawichatti mul'atu maal fakkaata?

Aadde Masarat: Akkuman yaa'ii Caffeerratti kaase aanaalee godinachaatti alseerummaan babal'ataa jira. Lammileen bahanii galuu, daldalatanii of jijiiruu, dhimma hawaas dinagdeetif socho'uun yaaddoo itti ta'aa jira. Qaamoleen yaaddoo nageenya uumaa jiranimmoo kanneen seeraan ala hidhatanii socho'anidha.

Bariisaa: Tattaaffiin qaamni nageenya, nageenya lammilee eegisuuf taasisaa jiru maal fakkaata?

Aadde Masarat: Humni nagaa lammilee kabachiisuuf bobba'e gahaadha jechuun hindanda'amu, murnoonni kunnin aanaalee godinichaadda adda addaatti faffaca'anii lammilee nagaa ajjeesaafi saamaa jiru. Kun yaaddoo jiruufi jirenya jiraattotaa ta'aa jira.

Bariisaa: Kaayyoon murnoota kanneenii maalinni laata?

Aadde Masarat: Akeknisaanii qabeenya ummataa hatuu, saamuu, nama ajjeesuu, kana malees ukkaamsanii qarshii gaafachuudha. Murnoonni kunnin mandheesaanii babal'ifachuun ummataa

hiraarsaa jiru.

Bariisaa: Aanaaleen Godina Shawaa Kaabaa jala jiran hammami? Isaan keessa hammatu rakkina kanaaf saaxilame?

Aadde Masarat: Godinni Shaawaa Kaabaa aanaalee 14 qaba. Isaan keessa kudhan rakkoo nageenya keessa jiru.

Bariisaa: Murnoonni seeraan ala hidhatanii socho'an kunnin erga nama ukkaamsanii maallaqa hammagafataa jiru?

Aadde Masarat: Waan nama ajaa'ibuudha. Qonnaan bulaa, takka takkammo daldaltoota butuun ykn ukkaamsuun qarshii hanga miliyoona lamaa gaafataa jiru. Namni miliyoona lama kennee of oolchuu waan hindandeenyeef ajjeefamaa jira. Mootummaan qaamolee kanneenirratti tarkaanfi laalessaa yoo hinfudhanne haalichi egeree sirmichaatiifuu yaaddoodha.

Keessumaa aanaalee akka Dagam, Kuyyuu, Abooteefi Yaayyaa Gullalleefaa rakkinichi waan hammaatuuf mootummaan birmachuu qaba.

Gochi suukanneessaan murnoonni hidhatanii socho'an raawwatan hanga reefallee dhorkachuutti kan qaqqabeedha. Gochi hamaan kun furmaata argachuu qaba. Murnoonni seeraan ala hidhatanii naannawichakeessa socho'an dhabamsiisuuf humni gahaan bobba'uun qaba.

Bariisaa: Lammileen sababa kanaanqe'eesaanirraa buqqa'an jiruu?

Aadde Masarat: Kan si dhibu abbootiin qabeenya ofirra darbanii carraa hojji dargaggoataaf uumuu danda'an, kanneen jirenya giddugaleessaa jiraatan qe'eefi qabeenyasaanii gadhiisanii magaallati

baqataniiru.

Bariisaa: Shoorti ijaarsawwan akka gachaana sirnaafaa kanaan dura gurmaa'anii turanii dhimma nageenya mirkaneessuu keessatti akkamitti ibsama?

Aadde Masarat: Ijaarsi gaachana sirnaa, milishaan, poolisiin nageenya waloo lammilee tiksuff toorri xiyyeffannoo kennamee hojjetamaa ture gaariidha. Ta'us humnasaanii murnoota kanneen dhabamsiisuun ni ulfaata.

Sababnisas yeroo ammaatti lakkofsisaanii yeroorraa yerootti dabala jira. Saamichi ittufafeera. Kanaaf murnoota kaneen dhabamsiisuuf raayyaa ittisa ykn humna gahaa bobbaasuun nageenya lammilee tasgabbeessuufi sochiin hawaas dinagdee akka bakkatti deebi'u taasifamuu qaba.

Bariisaa: Sochiin hawaas dinagdee akka Godina Shawaa Kaabaatti jiru maal fakkaata?

Aadde Masarat: Godinichi omishaafi omishtummaa callaa gara garaatiin kan badhaadheedha. Kana malees omisha aannanii maqaa qaba.

Bariisaa: Misoomni aannanii ta'midhaanii daran olaanaadha jedhama. Haala gama walitti hidhaminsa gabaatiin jiru akka bakka buutuu ummataatti maal taajjabdan?

Aadde Masarat: Dhugaa dubbachuuu omishni aaannanii midhaanii olaanaa ta'us daandii mijataafi walitti hidhaminsi gebaa hanqina waan qabuuf fayyadmummaan qonnaan bulaa gadaanaadha.

Bariisaa: Rakkoon gama bishaan dhugaatiifi ibsaatiin jirus cimaa ta'uutu dubbatamaatii asirratti maal jettu?

Aadde Masarat: Shawaa Kaabaatti

aannan caalaa bishaantu gatii olaanaadhaan gurgurama yoon jedhe dubbi harbeessuu hinta'u.

Ummanni bishaan dhugaatii dheebotu aannan gatii guddaa baasuu danda'u gatii rakasaan gurguraa jira. Fakkeenyaa ummanni Aanaa Jiddaa Finfinneerra fageenya kiloo meetira 30 hincaallerra taa'ee bishaan dheebota. Aannan immoo gatii rakasaan gurgura.

Sababiin kanaa karaan, geejibni, ibsaafi walitti hidhamiinsi gaba dhabamuudha. Kanaaf rakkolee kanneen fururratti xiyyeffannaan hojjetamuu qaba.

Bariisaa: Sararri bishaanii akka godinichaatti aanaalee gara garaatti argamu umurii dheeraa kan lakkofsise ta'uudha hawaasni kan kaasu. Isin kanarratti maal jettu?

Aadde Masarat: Dhugaadha. Sararri bishaan dhugaatii aanaalee Godina Shawaa Kaabaa jala jiran keessa jiru wagga 47 kan lakkofsiseedha. Baay'inni ummataa dachaan dabaleera.

Bishaan dhugaatii akka badhaasa guddaatti lakkaa'amaa jira. Sababnisas iddo tokko tokkotti bishaan jarikaanii abbaa liitira 25 qarshii digdamaan bitama.

Bariisaa: Kenniinsi tajaajila fayyaa jiru maal fakkaata?

Aadde Masarat: Tattaaffiin du'atii hadholiifi daa'immanii hambisuuf eegalame jajjabeessaa ture. Ta'us tajaajilli daandii, geejibba ambulaansii kana malees hospitaali ammayyaa dhabamuun yaaddessaa ta'aa jira.

Gama kanaan akka godinatta hojin hojjetama jiru jajjabeessaadha. Haata'uutii

KEESSUMMAA BARIISAA

“Waldhabdee mariidhaan furuun ...

haadholiin tajaajila si'ataa argachaa jiru jechuun ni ulfaata. Kanaaf ijaarsi bu'uuraalee misoomaafi hospitaalli sadarkaasaa eeggatee dhabamuun sababa guddadah.

Akka godinaatti hospitaalota lama qofatu jira. Isaanis Hospitaalota Fiicheefi Muka Xuuriti. Hawaasni Aanaa Warra Jaarsoo Dabrabirhan deemeet wal'aanamuuf dirqama.

Ambulansiiwwan jiranis olii gadi fiiganii tajaajila saffisa kenuurratti rakkoon nageenyaanisaan daangesseera. Kanumarraa kan ka'e du'atii haadholii xiqqessuun haala barbaadameen deemaan jira jechuun ni ulfaata.

Bariisaa: Kanaan walqabatee haalli gama dhiyeessii qorichaatiin jiruu hoo akkamitti ibsama?

Aadde Masarat: Dhiyeessii qorichaatiin walqabatee rakkoo guddatu jira jechuun ni danda'ama. Faarmaasiin hawaasaa babal'atus qorichi keessa hinjiru.

Bariisaa: Hanqinoota irranatti eertan furuuf eenyurraa maaltu eegama?

Aadde Masarat: Godinichatti misooma hawaasa fayyadamaa taasisu babal'isuun barbaachisaadha. Aannan gatii gadaanaadhaan gurguranii bishaan dheebochuun, omisha midhaan nyaataa hedduu horatanii rakkoo walitti hidhamiinsa gabaatiin faddaltotaan saamamuun hafuu qaba. Nageenya mirkaneessuufis xiyyeffannaan hojjetamuu qaba.

Bariisaa: Shawaa Kaabaatti gatiin aannanii maaliif gadi bu'e?

Aadde Masarat: Akkuman irranatti sii kaase rakkoo daandiifi geejibaan walqabatee walitti hidhaminsi gabaa laafaadha. Daldaltoota seeraan alaatu gatii gadi bu'aan irraa bitee Finfinnetti geessee qaliiin gurgurata. Kunimmoo horsiisee bultoota miidhaaf saaxilaa jira.

Kanaaf osuu giddugalli gabaa, daandiifi geejibni mijatee ofirra darbee qaala'insa gatii gabaa tasgabbeessu keessatti shoora olaanaa taphata jechuudha.

Gabaabumatti godinni Shawaa Kaabaa misoomawwan bu'uuraatiin duubatti kan hafte garuummoo omishaafi omishtummaan qala'insa gatii salphisuu kan dandeessu waan taateef xiyyeffanno kenuufin barbaachisaadha.

Bu'uuraalee misoomaa daandii, ibsaa, bishaan guutuufiin omishnisanii gabaaf akka dhiyaatu, gatii madaalawaan akka gurguratan, qala'insi gatii gabaas akka fooyya'uuf shoora waan taphataniif irratti hojjechuun barbaachisaadha. Ijaarsi daandii eegalamee addaan cite waan jiruuf otoo hojiinsaa ittifufee xumuramee gaariidhan jedha.

Bariisaa: Haalli gama bulchiinsa gaariitiin jiru hoo maal fakkaata?

Aadde Masarat: Kenniinsa tajaajilaatiin walqabatee harka keessa wal ilaaluun ni mul'ata. Hawaasni haqa qarshiin bitachaa jira. Kun hawaasatti ba'aa dabaluun waan ta'eef dhimma xiyyeffanno argachuu qabuudha.

Dhaabbilee mootummaa keessatti hanni,



saamichi, loogiin ammallee jira. Kunimmoo amantaa hawaasni mootummaaraa qabu kan gadibuusu waan ta'eef osuu fooyya'ee gaarii ta'a.

Bariisaa: Rakkoo hojidhabdummaa dargaggoottaa furuuf sochiin akka godinichaatti jiru maal fakkaata?

Aadde Masarat: Dhimmi kun bu'uuraalee misoomaa wajjin kan walqabatudha. Sababisaas dargaggooni irrajireessi dhaabbilee barnoota olaanaarree eebfamanii hojii malee taa'aa jiru.

Dargaggoota kanneen gurmessuun hojilee adda addaarratti bobbaasuuf tattaaffiin taasifamaa akka ture qaban qaba. Kana caalaatti milkeessuuf ammoo bu'uuraaleen misoomaa kanneen akka ibsaafi bishaanii guutamuun dirqama.

Egaa dargaggoota hojidhabbeeyyi gurmessuufi mindeessa muraasaan xumuruun waan hindanda'amneef hojileen akka paarkii indastiriifaan otoo babal'atani gaariidhan jedha.

Fakkeenyaaaf omisha aannanii achitti gatii dhabaa jiru qindeessanii gabaaf dhiyeessuun osuu jalqabamee carraa hojii addaa banuu danda'a.

Bariisaa: Tarsiimoofi imaammata qonna ammayyaa babal'isuun mootummaan gadi buuse hojiirra oolchuuratti Godinni Shawaa Kaabaa maal fakkaatti?

Aadde Masarat: Tarsiimoofi imaammata qonna ammayyaa babal'isuun walqabatee aadaan waggaatti yeroo lama omishuu babal'ateera. Omishaafi omishtummaan dachaan dabala jira.

Osoo rakkoon nageenya furamee jijiiramni biyya fayyadu ni dhugooma jedheen abdadha. Rakkoon Hanqina callaa guddistuu hudhaa damicha boodeetti harkisu ta'a waan jiruuf kunis otoo furamee gaariidhan jedha.

Mootummaan xiyyeffanno kennet dhiyeessii xaa'oorratti hojjetaa jiraachuu kan ibse yoo ta'u, biyya keessa galee dafee akka raabsamu taasisu keessatti tarkaafin fudhatamaa jiru bareeda. Kana malees qonnaan bulaa keenyatti onnee kan horudha.

Bariisaa: Akka miseensa Caffeetti walhabdee siyaasaa mootummaafi ABO Shancee mariin furuuf yaada caffeerratti Pirezidaantiin BMNO Obbo Shimallis Abdiisa kaasan akkamii ilaaltu?

Aadde Masarat: Waldhabdee mariidhaan furuun duudhaa Oromo ganamaati. Akka fakkeenyatti hundaa'un mana murtii aadaa, marii ilaafi ilaameen walitti bu'insa furuuf yaaluun ammayyumaadha.

Sababisaas baasii hinqabu. Meeshaa waraanaafi rasaasa bituuf baasii guddatu baha. Marii ABO Shancee mootummaa giddutti eegalame akkasumas ibsi caffeerratti kennname otoo hojitti hiikamee namatti tola.

Barisaa: Rakkooleen naannawa daangaa bulchiinsaatti mudatan akkamii furamu qabu jettu?

Aadde Masarat: Mootummooni naannolee walittidhufanii mari'achuun furamaata guddaa argamsiisa jedheen amana. Si'ana humnaan osuu hintaane mariidhaan rakkoo furuutu barbaachisa.

Bariisaa: Haala guddina magaalotaatiin walqabatee jirurratti maal jettu?

Aadde Masarat: Guddina magaalotaan walqabatee kanneen guddachuu malan dagatamaniiru. Fiicheen, Magaalaan Muka Xuuri magaalota guddachuu qaban turan haata'uutii abbummaa dhaba jiru yaanni jedhu ka'aa jira kun dhimma xiyyeffanno argachuu malu waan ta'eef irratti hojjetamuu qaban jedha.

Bariisaa: Sochii gama misooma barnootaatiin taasifamaa jirurraa maal hubattan?

Aadde Masarat: Hojiin gama misooma barnootaatiin hojjetamaa jiru dhaadanno dhaloonti barate mirgasatiif ni falmata jedhu kan hojitti hiiku, dhaloota sababaan falmu, dhaloota sayinsiifi teknolojiin badhaadhe horachuu keessatti bakka olaanaa qabaata. Biiron Barnoota Oromiyaa hawaasa kakaasun manneen barnootaa Bu'uura Boruufi kaan hojjechuunsa waan daran jajjabeeffamuudha.

Bariisaa: Bajata BMNO bara hojii 2016f ramadame qarshii biliyoonni 221.5 sirnaan hojiirra oolchuuratti qaamolee raawwachiistotaarraa maaltu eegama?

Aadde Masarat: Raawwachiistonni imaanaa guddan akka kennamee beekuu qabu. Haadholii bishaan dheebotantu jiru. Qonnaan bulaa ofii horii tiksee ilmaansa barnootaaf ergutu harka isaan ilaala jira. Bajanni kun qisaasama tokko malee dhaloonti tajaajila barbaachisuufi irraa eegamu kennuu qaba. Maallaqni kun dhibbantaa 65 galii gola maatii ummataa keessaa kan sassaabamedha malee arjoomamee miti.

Harki imaanaa hawaasaa hatu, sabbata harmeesaa akka hiikeetti of ilaalu qaba. Akka waan gola abbaasaa diigeetti of madaaluu qaba. Kanaafuu ergama bajanni kun milkeessuuf qabu irratti xiyyeffanno laatamee hojjetamuun fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf oolu qaba.

Bariisaa: Turtii yeroo keessaniif guddaa galatoomaa.

Aadde Masarat: Isinis galatoomaa.

Harki imaanaa hawaasaa hatu, sabbata harmeesaa akka hiikeetti of ilaalu qaba. Akka waan gola abbaasaa diigeetti of madaaluu qaba. Kanaafuu ergama bajanni kun milkeessuuf qabu irratti xiyyeffanno laatamee hojjetamuun fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf oolu qaba

Abbaa Sa'aa

Hojiilee guguddoo bara bajataa 2015tti gama dinagdeetiin Oromiyaatti raawwataman keessaa

Kutaa Qophiitiin

Caffeen Oromiyaa yaa'iisaa idilee 5ffa wagga 2ffa bara hojii Caffee 6ffa Wixataafi Kibxata darbe Adaamaa, Galma Caffeetti adeemsifateera. Nutis gabaasa raawwii karoora hojiwwan qaama raawwachiiftuu bara bajataa 2015fi kallattii ijoo bara 2016 pirezidaantii naannichaa Obbo Shimallis Abdiisaatiin dhiyaate qindeessinee akka ittaanuttii dhiyeessineerra.

Caffeen Oromiyaa Mootummaan naanno Oromiyaa qaama Karoora Imala badhaadhinaa wagga kudhanii kan ta'e; karoora bara bajataa 2015 Caffeedhaan ragga'e; rakkolee uumamaafi namtolchee gara garaa keessa taa'uun milkaa'ina hunda galeessa ta'en raawwachuu ummata naannichaa fayyadamaa taasisaa tureera.

Milkaa'inni raawwichaa bara bajataa ceramees sosochii bal'a ummata naannichaa duudhaafi seenaasaatti akka deebi'uuf sirnoota gara garaa ijaaruudhaan hojiwwan guguddoo hojjechaa tureefi hundaa olitti karoorawwan hiixatoo qabaman baay'inaan, si'aayinaan, qulqullinaafi yeroodhaan raawwachuu xiyyeffannaafi hordoffiin sadarkaa sadarkaan taasifaman kan gumaacha olaanaa galmeessisanidhaa.

Bara bajataa 2015tti qorumi namtolcheef uumamaan ture waan akka salphaatti ilaalamu ta'u baatus; hojiilee misoomaa karoorfaman yeroodhaan raawwachuu karoora imala badhaadhina jalqabame milkeessuuf xiyyeffannaan hojjetameera.

Bu'uura dinagdee naannichaa kan ta'e qonna ammayeessuuf inisheetivoota gara garaa hojirra oolchuudhaan tiraansifoormeeshiini qonaa milkeessuun maniiwwan misoomaa qonaa qabaman alergii guddisuu, omisha alaa galu biyya keessatti omishuun bakka buusuu, wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf carraa hojii bal'a uumuuf xiyyeffannaan kenneme hojjetamaa tureen bu'aawan guguddoon galmaa'uu eegalaniiru.

Haaluma kanaan; bara omisha 2014/15tti qonna gannaatiin lafti hektaari miliyoona 6.6 (%102.5) midhaan akaakuwwan adda addatiin uwifamerra omishni kuntaala miliyoona 202.9 (%98.7) argachuun danda'ameera. Keessattuu carraa naannichi qabutti sirnaan fayyadamuun wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf xiyyeffannaan misoomaa qamadiifi ruuzif kenneme hojii hojjetameen bu'aawan abdii guddaa kennan galmaa'aniiru.

Misoomaa qonna gannaan bara omisha 2015/16 yeroo ammaa gaggeeffamaa jiruun; lafa hektaari miliyoona 8.2 facafamu irraa omisha kuntaala miliyoona 265.3 argachuuf karoorfamee hojii hojjetamaa jiruun; hanga ammaatti lafti hektaari miliyoona 7.3 (%89) facaasaaf qophaa'ee hektaari miliyoona 3.5 (%42) ta'u midhaan akaakuwwan adda addatiin uwifameera.

Misoomaa qonna gannaan gaggeeffamaa

jiru keessatti xiyyeffannaan makaanaayizeeshiniif kenneme hojjetamaa jiruun; lafa hektaari miliyoona 2.3 tiraaktaraan qotanii facaasuuf karoorfamee lafti hektaari miliyoona 2.2 (%96) kan qotame yommuu ta'u; lafa hektaari miliyoona 6.3 kilaastaraan facaasuuf karoorfamee keessaa hanga ammaatti lafti hektaari miliyoona 2.1 (%34) ta'urratti kilaastaraan faca'eera.

Misoomaa qonna arfaasaa bara omisha 2015/16n lafti hektaari miliyoona 1.2 (%109) midhaan akaakuwwan adda addatiin uwifamerra omisha kuntaala miliyoona 22.6 argachuuf karoorfamee hojii hojjetamaa jiruun; hanga ammaatti callaan kuntaalli miliyoona 7.3 sassaabameera.

Qophii lafaa waliigala qonna arfaasaa taasifame keessa hektaari kuma 508.7 (%113) tiraktaaran kan qophaa'ee yommuu ta'u; lafti hektaari kuma 445.6 (%98) kilaastaraan facaafameera.

Bara omisha 2015tti xiyyeffannaan gama makanaayizeeshiniitii qabame cimsuuf tiraaktaroota 614 (%55) fi kombaayinaroota 28 (%8.8) dhiyeessuun kan danda'ame yommuu ta'u; maniiwwan guguddoo misoomaa qonaa dhugoomsuu keessatti dhiyeessiifi ittifayyadamni mikaanaayizeeshiniif dhimma ijoo ta'uun hubatamee baay'inaa fi qulqullinafi dhiyeessuurratti hojii bal'aan ammas hojjatamu qaba.

Qonna hirkattummaa roobaa jalaa baasuuf carraawan bishaan lafa jalaafi lalfarras fayyadamuun hojii misoomaa jallisii hojjetamaa jiruun; bara omisha 2015tti jallisii idilee marsaa 1ffaafi marsaa 2ffaatiin lafa hektaari kuma 823.2 misoomsuu omisha jallisii callaa kuntaala miliyoona 136.5 argachuuf karoorfamee hanga ammaatti marsaawan lamaaniin lafa hektaari kuma 785.3 (%95.4) misoomerra omishni jallisii kuntaala Miliyoona 108.6 (%80) argachuun danda'ameera.

Milkaa'ina guddaa bara omisha 2015tti argame keessa inni ijoon misoomaa inisheetivii qamadii jallisii gaggeeffamaa ture yommuu ta'u; lafa hektaari miliyoona 1.1 (%110) misome irraa omisha kuntaala miliyoona 38.5 argachuuf karoorfamee hanga ammaatti omisha kuntaala miliyoona 37.8 (%98) argachuun danda'ameera.

Hongee deddeebi'ee miidhaa qaqqabsiisa jiru damdamachuufis; hojin inisheetivii pirojektota jallisii Finnaa Oromiyaa hojjetamaa kan jiran yommuu ta'u; pirojektota 72 hojjechuuuf karoorfamanii sochii keessa galan keessa barana pirojektota hidhawwan adda addaa 16 xumuruuf karoorfame keessa 13 xumuramaniiru.

Walumaagalatti; pirojektota Finna Oromiyaa hanga dhuma Waxabajji 2015tti (%78) irraan gahuuf karoorfame (%60) irraan gahuun danda'ameera.

Haaluma walfakkaatuun; ijaarsawwan pirojektota jallisii akaakuwwan adda



addaa sagantaa mootummafi qaamolee deeggartootaatiin waliigalaan 306 ijaaramaa kan jiran yommuu ta'u; kanneen keessa pirojektota jallisii 258 barana giddugaleessaan %58.13 raawwachuu karoorfamee %25.9 raawwatameen giddugaleessaan %63.9 irra kan qaqqabefi bara kana pirojektota 147 xumuruuf karoorfamee 137 (%93.2) xumursiisuun danda'ameera.

Hojii jallisii milkeessuu keessatti gaheen dhiyeessiwwan paampii iddo olaanaa kan qabu yommuu ta'u; barana paampiwwan akaakuwwan gara garaa 15,753 (%78.8) bajata mootummafi degarsaalee adda addatiin dhiyaate raabsuun danda'amee jira.

Hojii misoomaa sululaa baroota darbanitti hojjetamaa turan ittifusiisuun bara 2015 keessatti daagaawwan akaakuu adda addaa kiiloo meetira miliyoona 1.01 (%104) fi hallayya hidhuu m3 kuma 840.3 (%104) hawaasa miliyoona 6.6 hirmaachisuu kan hojjetame yommuu ta'u; ashaaraa magariisa barana gaggeeffamuuq biqiltu bil.4.9 (%102) qophaa'ee keessa biqiltuwan akaakuu adda addaa biliyoona 4.5 dhaabuuuf karoorfamee sochii hanga ammaatti taasifamaa jiruun biqiltuun biliyoona 1.5 (%33) dhabbateera.

Omishaafi oomishtummaa bunaa dabaluuf hojii hojjetamaa tureen; bara 2015 keessatti lafa bunaa omisha kenu hektaari miliyoona 1.3 irraa omishni bunaa kuntaala miliyoona 10.3 (%98) kan argame yommuu ta'u; misoomaa bunaa ganna fuldura keenaya dhaabatuuf biqiltuu bunaa biliyoona 1.3 (%120) qophaa'ee dhaabbiif qaqqabeen; hanga ammaatti biqilituun bunaa biliyoona 1.1 dhabbateera.

Inisheetivii misoomaa shaayitiif xiyyeffannoo kenneme hojii hojjetamaa jiruun; biqiltuu shaayii miliyoona 3.4 qopheessuuf karoorfamee hanga ammatti ciccita shaayii miliyoona 4.1 (%118) dhaabbiif qophaa'eera.

Akkasumas; gama misoomaa muduraatiin sanyii biqilaan muduraa akaakuwwan adda

addaa miliyoona 37.3 qopheessuun kan danda'ameefi kana keessa inisheetivii avokaadoo, muuziifi paappaayyaadhaan biqilaan miliyoona 8 (%113) qopheessuun danda'ameera.

Gama misoomaa beeyladaatiin sanyii kormaa doozii miliyoona tokko (%97) dhiyaateen tajaajila mala namaan loon diqaalomuu gaggeeffamaa tureen; sa'a/raada kuma 523.9 (%101) ta'anif sanyiin kan kenneme yommuu ta'u; qoranno rimaa gaggeeffameen hanga ammaatti sanyii fooyya'aa kennemeen saawan kuma 308 ta'an rimaa qabachuu isanii kan mirkannee'ee fi bara kana keessatti jabbileen sanyii fooyya'oo kuma 223.7 (%90) dhalachuu danda'aniiru.

Omishaafi oomishtummaa beeyladaa guddisuuf dhiyeessiin nyaata beeyladaa iddo guddaa kan qabu ta'uun hubatamee; sagantaa idileetiin misoomni nyaata beeyladaa hektaari miliyoona 5.4 (%92) misoomerra nyaatni beeyladaa toonii miliyoona 37.6 (%102) omishameera.

Naannawa horsiisee bulatti hanqina nyaata beeyladaa mul'atu hiikuuf toofatalee adda addaa fayyadamuun inisheetivii misoomaa margaa gaggeessudhaan rooba gannaafi misoomaa jallisiin oomishnuun baankii nyaata beeyladaa akka qabataniif hojii hojjetamaa tureen; waliigalaan lafa hektaari kuma 106.6 misoomsuun marga toonii kuma 208.9 omishnuun yeroo hanqinni roobaa mudatu ittifayyadamuuf omishameera.

Gama misoomaa lukkuutiin barana cuucii guyyaa tokkoo miliyoona 18.7 (%104) fi sookkee killee miliyoona 13.7 (%124) raabsuun danda'ameera. Qabeenya misoomaa dammaa naannichaa sirnaan fayyadamuuf hojii hojjetamaa jiruun; sagantaa idileetiin inisheetivii gaagura ammayyaa kuma 355 (%109) raabsuun kan danda'ame yommuu ta'u; omishni dammaa toonii kuma 87 (%100.4) fi omishni gagaa toonii kuma 7.3 (%115) omishnuun danda'ameera.

Dhiyeessii guddistuu callaa bara omisha

AADAAFI AARTII

Sochii bal'aa akka dhaloontu duudhaa ganamaatti deebi'uuf taasifameen bu'aan galmaa'eera

Riippoortara Gaazexichaatiin

Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojiilee hawaas dinagdeefi siyaasaa hojjetuun cinaatti aadaa, enyummataa, seenaafi afaan ummatichaa akka cimuuf akkasumas bakkeewwan hawwata turizimii naannichaa akka beekamanifi xiyyeffanna olaanaadhaan hojjetaa jira. Gama kanaanis bu'aan jajjabeessaa kan argame ta'uudha Pirezidaantiin naannichaa Obbo Shimallis Abdiisa Walga'ii Idilee 5ffaa Waggaa 2ffaa Bara Hojii Caffee 6ffaa irratti gabaasa misesenoota Caffee dhieessaniin kan ibsan.

Akkasaan jedhanitti, hojiiwan seenaafi seenessa Oromo qajeelchaniifi misoomaa aadaa irratti xiyyeffanno kenuun hojii hojjetamaa tureen bara kana misoomaa aadaa, seena, hambalee, aartiifi ardaalee jilaa akkasumas beekumsa xabboo Oromo eeguun walqabatee bu'aawan gurguddoon galmaa'aniiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa dhimma qoranno seenaa, afaan, aadaafi aartii Oromoottif xiyyeffanna guddaa kenuun bara kana mata dureewwan qoranno 60 ta'an irratti hojiiwan qoranno gaggeeffamaa turuu eeranii, qorannoowwan gaggeeffamaa turaniis kitaabonni jahaa maxxanfamamii ummata bira kan gahan yommuu ta'u, kitaabonni akaakku saddeet ta'an ammoo hojin isaanii xumuramee mana maxxansaa galuu ibsu.

"Iddowan ga'umsaafi hawwata turizimii beeksisuufi misoomsuun walqabatee hojiiwan jajjabeessaan hojjetamaniiru. Hojilee beeksisaafi dhaadheessa cimaa miidiya diijitalaa, agarsiisa gara garaafi miidiya idilee fayyadamuun yaa'insi turistiifi galiin turizimii irraa argamu akka dabalu taasifameera. Haaluma kanaan; sagantaa Imala Oromiyaa labsuudhaan yaa'iinsa turistii biyya keessaa miliyoona 9.5fi turistii biyya alaa kuma 237 naannoo



keenya akka daawwatan ta'een maallaqni qarshii biliyoona 9.8titi tilmaamamu naannoo keenya keessatti akka dhengala'u ta'ee jira" jedhu.

Qabeenyi uumamaa hawwata turizimii Naanno Oromiyaa qabdu hedduu yoo ta'es, faayidaan gama kanaan argame sadarkaa barbaadamu irra kan hingeeyne ta'un isaa hubatamee, dhaabbileen tajajila turizimii kennan naannichaa keessatti akka babal'atan haala mijeessuu, qabeenyi turiizimii naannichaa irratti qorannoowwan adda addaa gaggeessuun adda baasuu, misoomsuufi beeksisuun sektarichi madda dinagdeefi iddo carraan hojii bal'aa itti uumamu akka ta'u kan hojjetamu ta'u himu.

Akka ibsasaaniitti, haaromsa aadaa Oromo jajjabeessuu labsii hundeeffamaafi beekamtii manneen murtii aadaatiin manneen murtii aadaa jalqabaa gandoota kuma ja'aifi 232 irraa dhimmootni waldhabdee hawaasaa kuma 376fi 60 dhiyaatan keessaa kumni 326fi 428 (%86.8) karaa aadaafi duudhaa Oromoottin hiikamuun furmaata argachuu kan danda'an yommuu ta'u, manneen murtii aadaa

oldabarfanna 310 irratti dhimmootni kuma 15fi 540 dhiyaatanii kumni 13fi 429 (% 86.4) furmaata argataniiru. Walumaagalatti, bara kana manneen murtii aadaa irratti dhimmoota kuma 391fi 600 dhiyaatanii kumni 339fi 857 (%86.8) furmaata argataniiru. Kanaanis yeroofi maallaqni ummataa qarshii biliyoona 1.3 olitti tilmaamamu qisaasama irraa baraaramuu bira darbee; dhaloonti har'aafi boruu duudhaa Oromo isa ganamaatti akka deebi'u sochiin bal'aa taasifameen bu'aan qabatamaa galmeessuun eegalamee jira.

Ummanni Oromo duudhaa isaa ganamaatti deebi'ee akkaataa aadaa isaatti haqa akka argatuuf hojin manneen murtii aadaa hundaa'anii jiraniin rakkoleen walxaxaa hawaasummaa akka furamanifi cimsuufi deggaruu gaaddisa murtii mijeessuu, dhimmootni walhabdee hawaasummaa karaa duudhaa seeraafi heera Oromoottin furmaata akka argatuuf ciminaan kan hojjetamu ta'u ni kaasu.

Ijaaramuufi diigamuu biyya tokkootif gaheen dhaabbilee miidiya olaanaa ta'u kan himan pirezidaantichi, walhubannan gaarii

mootummaafii ummata giddu akka jiraatu taasisuuf hojii hojjetamen, imaammata, tarsiimoofi karoora mootummaa irratti yaada, gaaffifi komii ummata sassabuun, waltajji maree komataafi komatamaa walitti fidu umuudhaan hariiroo ummataafi ummataa cimsuu irratti hojii bal'aa hojjetamaa turuu dubbatu. Haaluma kanaan, maqa gaarii naannichaa ijaaruufi waligaltee biyyaa uumuuf hojii hojjetameen, gochaa farrummaa miidiya keessaafi alaa maqa gaarii naannichaa xureessuu hojjetan, akkasumas odeeefanno dharaa ummata burjaajessuun jibba uumuuf tamsaasan hordofuun hojii bal'aa ta'e hojjetamaa tureera.

Baajatni akka Oromiyaatti yeroo yeroon ramadamu haala qabatama fedhii misoomaa ummatni gaafatuufi bal'ina Oromooyan qabduun gahaa yoo hintaanees, waggoottan haaromsaan asitti xiyyeffanna duudhaaleefi aadaa Oromo duriitti deebi'uun hawaasni misooma keessatti akka hirmaatu taasifamaa jiruun bu'aawan guguddoon argamaa jirahuus ni eeu.

Haaluma kanaan hawaasni aadaafi duudhaa Oromo gabbifatee naannoo isaa yeroo, humna, beekumsa, ogummaafii qabeenyaa qabuun bilisaan tajaajiluun jaallali naannoo fi biyya isatiif qabu caalaatti dabalaan kan dhufe ta'u kan himan Obbo Shimallis, bara 2015 kanatti hojii kenna tajaajila lammummaa akaakku garaa garaan tilmaama maallaqaa qarshii biliyoona 71.6 hojjechuuf karoorfamee biliyoona 72.2 (%101) tti tilmaamamu hojjetamu ibsu.

Haaluma walfakkaatuun, aadaafi duudhaa walgargaarsaa hawaasa Oromo kan ta'e Buusaa Gonofaan balaa namtolcheefi ummamaatin hawaasa miidhaman sirna ittiin gargaaran, deggaraniifi deebisanii ittiin dhaaban hojjiira oolaa jiruun, bara 2015 kanatti misesenota Buusaa Gonofaa miliyoona 11.4 (%102.2) horachuun, fandii

Gara fuula 15tti

Harar miseensa magaalota hambaa idiladdunyaa ta'uun galmoofte

Magaalaan Harar magaalota miseensa hambaa idiladdunyaa keessaa tokko ta'uun galmoofte.

Pirezidaantiin Nannoo Hararii Obbo Ordiin Badrii sirna mallattoo biyya Kaanaadaa, magaalaa Kuubekitti gaggeeffamerratti mallattoo Magaalaan Harar miseensa magaalota hambaa idiladdunyaa ta'uun mallatteessaniiru.

Magaalaan Harar dhaabbata magaalota 115 misesenota taasisee ofjalaa qabutti Bara Faranjoottaa Baatii Waxabajji 2023 irraa jalqabee galmoofteetti.

Magaalaan Harar magaalota hambaa idiladdunyaa keessaa tokko taatee galmaa'uushii, hambalee aadaafi seena misoomsuufi damee turizimiitif gahee olaanaa kan qabu ta'uun ibsameera.

Dabalataanis magaaloni hambaa ta'an dhimmoota waloorratti waliin mari'achuun kallatti kaa'uufi gafuuwan bira darbuun carraa bal'isuuf kan fayyadu ta'uun ni



amanama.

Magaalaan Harar hambaa idiladdunyaa Jugal dabalatee argama hambaa idiladdunyaa 'UNESCO'n galmaa'an ta'uutti dabalatee magaalaa lammileen nagaadhaan, waldanda'uufi kabajaan keessa jiraatan

jedhamuun 'UNESCO'dhaan beekamtii kennameef ta'uun ni yaadatamaa.

Sirna mallattoo kanarratti Pirezidaantiin Naannichaa Obbo Ordiin Badrii, Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Hararii Obbo Abdujabbaar



Mahammad, Afya'iit Itaanaan mana marii naannichaa Obbo Aariif Mahaammad akkasumas Ministir De'eetaan Ijaarsa Sirna Dimokraasi Obbo Kaalid Alwaan argamaniiru jechuun **Kominikeeshiniin Naannoo Hararii** gabaaseera.

Qarreefi Qeerroo



Jilli Obbo Binnaalfiin durfamu wayita daawwannaa taasisetti

Dargaggoota Hararii tola ooltummaarratti

Saamraawiit Girmaatiin

Hojiin tola ooltummaa waqtii gannaan eeggatee bifa duulaatiin bal'inaan gaggeeffama. Amma amma garuu hojiin kun kan tibba tokko hojjetamee tibba tokkommoo dhaabachuu qabu waan hintaaneef bakkeewwan hedduutti waggaa guutuu raawwatama. Keessumaa dargaggooni ammoo hojii kanarratti adda durummaadhaan hirmaataa jiru.

Harkaql'eeyyiif mana ijaaru, meeshaalee barnootaa barattootaaaf dhiheessuu, dhiiga arjoomuu, biqiltuu dhaabuu, magaalaal qulqulleessuufi, nageenya eegsisuun hojiilee muraasa tola ooltonni irratti hirmaataniihda. Mootummaanis hojii qarshii miliyoonaataan lakkaa'amu oolchu kana qindeessuufi mijeessuun hojii jajjabeessaa hojjetaa jira.

Naannoolee hojiin tola ooltummaa bal'inaan keessatti hojjetamaa jiru keessaan toko. Naanno Hararii yoo taatu dargaggooni naannichaa hojii fakkenya ta'u hojjetaa jiru. Akkasumas, dargaggooni daangaa ce'anii gara naannichaa deemuun tola ooltummaarratti hirmaatanis gama tokkoon hawaasa tajaajilaa, gama biraan tokkummaa cimsurrti hojjetaa jiru.

Dargaggo Shariif Muum mee Hogganee Liigii Dargaggoota Naanno Hararii yoo ta'u, yaada Gaazexaa Bariisaaf kenneen akka jedheti, liigiinsanii misseensota kuma sadheetii ol qaba. Dargaggooni misseensoni kunneen hojii hawaasummaafi siyaas dinagdee addaddaa keessatti hirmaataa kan jiran yoo ta'u, keessumaa nageenya eeguurratti caasaalee dargaggoonaifi nageenya wajjin hojjetaa jiru. Halkan halkan naannawaasaaniitti roondii ba'uun poolisi waliiin ta'uun ambaasaaddara nageenya ta'anii hojjetaa jiru.

Fakkeenyaaaf sochii magaalitti keessatti konkolaataa miila sadii (baajaajiin) lakkofsa gabate malee namoota addaddaa fe'ee deemu sakkatta'iinsa taasisuun hojii hojjetan jajjabeessaa ta'u eeree, kana qofa osoo hintaane hojii dippiloomaasi hojjechuu akka fayyadu ibsa.

Harariitti dargaggoota naannichaa qofa



Dargaggo Shariif Muum mee



Shararie Sitraa Bahaar

osoo hintaane kanneen daangaa ce'anii hojii tola ooltummaa hojjetanis hirmaachaa jiraachuu eeree, kanas Ministeera Dhimma Dubartootaafi Hawaasummaa akka biyyatti kan eegalchisee ta'uufi Harariittis dargaggooni naannoolee biyyattii hundaafi bulchiisoota magaalaal Finfinneefi Dirree Dhawaarraa baba'an argamuun hojiilee hedduu hojjechuuusaa ibsa. Dargaggooni kunneen harkaql'eeyyiif mana ijaaru, biqiltuu dhaabuu, dhiiga arjoomuu fi hojiilee tola ooltummaa biroo bal'inaan raaawwachuuusaa kaasa.

Akeekni tola ooltummaa dargaggoataa daangaa ce'anii kun inni ijoon tokkummaa uumuuf ta'uun kan himu Dargaggo Shariif, ilaalchi biyyummaa dagaaguun obbolummaan akka cimu yaadamee qophaa'uus ni eera. Aadaa walii baruufi walitti hidhamiinsa uumuunis miiri tokkummaa uumuun, wantoota badaa dhabamsiisuufi biyya ijaaru kan uumamu ta'u dubbata.

Dargaggooni naannichaas akkuma dargaggoota daangaa ce'anii kanneen naannoolee biyyattii hunda deemuun hojii tola ooltummaa hojjetaa kan jiran yoo ta'u, dhaabbi biqiltutiin walqabatese bara darbe hanga biyyoota ollaa Afrikaa ja'atti deemanii biqiltuu dhaabuu himee, hojii tola ooltummaa Itoophiyaanota qofa osoo hintaane dargaggoota Afrikaa Bahaalle walitti fiduun hojii dippiloomaasi hojjechuu akka fayyadu ibsa.

Hojii kana keessatti hirmaannaanshamarranii gama hundaan cimaafi dhiiraan qixa ta'u kaasee, namoota gama hundaan hojii tola ooltummaarratti hirmaataniifis dhuma waggaarratti beekamtiin kan kennamu ta'u dubbata. Hojii tola ooltummaa kun ganna qofa osoo hintaane yeroo kaanitis cimee hojjetamuu akka qabuufi xiyyeffannaafi

deggarsi barbaachisu osoo taasifamee bu'a caalu kan argamsiisu ta'u hima.

"Bu'urri namaa bakka sadiitti quodama; ijoollummaa, dargagummaafi dulluma. Ijoollummaan yeroo ati akkasiin ta'a jettee yaaddu, dargagummaan ammoo kan taatee itti argamtufi dullumni waanhujetteedabarte tokko gabaasa itti namaaf dhiheessituudha. Kanaaf yeroon qalii yeroo dargagummaa ta'uusaatiin dargaggooni hojii iraa eegamu mara hojjechuu siidaasaanii dhaabbatanii darbuu qabu. Dargaggooni yeroo qabanittis sirnaan fayyadamu, haadhaafi abbaaraa eegalee namoota kabajuun fuuldureesaanii jijiiruu danda'u" jechuun dhaama.

Shararie Sitraa Bahaar ammoo Ittaantu Hogganee Liigii Dargaggoota Naanno Harariiti. Isheenis yaada gaazexaa keenyaaf kenniteen akka shararie tokkootti dhiiga arjoomuu, qulqullina, biqiltuu dhaabuufi waantota jiran hundatti kan hirmaattu ta'u kaastee, akka naannichaatti hirmaannaan dargaggooni naannichaa tola ooltummaarratti taasisan daran jajjabeessaa ta'u dubbatti.

Dargaggooni naannoolee biroos magaalichatti tola ooltummaarratti hirmaachaa jiraachuu ibsitee, kun hojii hojjetamurra darbee tokkummaan inni akka biyyatti fidu bu'a olaanaa ta'u eerti. Dargaggooni daangaa ce'anii dhufan muuxannoofi fidu dargaggoonaifi, dargaggooni naannichaa ammoo muuxannoosaanii warra naanno biraaruu dhufanif quoduu hariiroo kan cimsu ta'u dubbatti. Darbees dargaggooni naannicha dhufan yommuu gara dhufanitti deebi'an ambaasaaddara ta'anii Harariillee kan beeksisan ta'u ibsti.

Dargaaggooni daangaa ce'anii dhufan kunneen ji'a ja'a ja'an gara naannichaa

kan dhufan ta'uun kan dubbattu shamarreen tun, turtiisaaniitiihojii tola ooltummaan cinaatti aadaafi seenaa magaalittii kan isaan daawwachiisan ta'uun kaastee, dargaggooni naannichaa iddo biraa deemanis haaluma kanaan aadaafi seenaa bakkee deemanii sanaa fidanii dhufuun muuxannoon kan waljijiiramu ta'uusaatiin tokkummaa umuuk keessatti gahee olaanaa akka qabu ibsiti.

Biyyattiin rakkoo keessa jirtu keessaan ba'uuf tokkummaafi jaallali murteessaa ta'uun ibsitee, hojiiin akkanaas fuulduratti cimee ittifufu akka qabu dhaamti. Akkasumas yeroo turtii dargaggoota tola ooltootaa ji'a ja'arraa gara waggatti osoo dheeratee sirttii bakka deeman hubachuu waan dandeessisuuf utuu itti yaadamee jetti. Dargaggoonis hojii tolooltummaa eegalan kana cimsanii itti fusiisuu akka qabaniifis ergashee dabarsiti.

Tibba kanas jilli Ministira Nageenya Obbo Binnaalfi Anduu'alamiin durfamu, kan ministirootaafi minister de'eetaawwan hammate hojii hawaasummaa naannichatti hojjetaman daawwatee kan ture yoo ta'u, keessumaa hojii hawaasummaa naannichatti tola ooltummaadhaan hojjetanis daawwateera. Hojiiwan tola ooltummaan hojjatamaa jiran keessaas sagantaa ashaaraa magariisa, maaddii guutuu, hojiiwan omisha misoomaa qonnaa guddisuuf hojjatamaa jiran daawwachuu deggarsaafi hordoffi qabatamaa taasisuu jalqabaniiru.

Obbo Binnaalfis hojiiwan tola ooltummaa dargaggooni naannichaa raawwataa jiran bu'a olaanaa galmeesisa jiraachuuusaa kaasanii keessumaa hojii nageenyaarratti hojjetameen duudhaan nageenya naannichaa eegamu ibsu. Fuuldurattis kun cimee ittifufuufi muuxannoonsaa babal'achuu akka qabu dubbatti.

Ministrii Pilaaniifi Misoomaa Doktar Fitsum Asaffas gamasaaniin akka waligalaatti hojii misoomaa naannichatti waggoota afran darbe hojjetame akka fakkeenyaafti kan eeramu ta'u himanii, hojii nageenya eegsiurrti hirmaannaan hawaasni keessumaa dargaggooni taasisa jiranis jajjabeefsamuu kan qabuufi deggarsi barbaachisu kan taasifamuuf ta'u himu.

Walumaagalatti hojii tola ooltummaa fakkeenyummaa qabu kun ibsama naanno tokkoo qofa ta'u hinqabu. Muuxannoon kun babal'atee hojii misoomaa hojjechaa tokkummaa cimsuun dhagaa tokkoon simbira lama waan ta'cef aadeffamuuf qaba jenna.

Ilaamee...

“Aarsaa ummanni sirnaafi biyya baraaruuf taasiseef mootummaan naannichaa galata guddaa galchuu barbaada”

- Obbo Shimallis Abdiisaa

Kutaa Qophiitiin

Nageenyi bu'uura waan hundaa yommuu ta'u; mootummaan Naannoo Oromiyaas nagaafi nageenya naannichaa mirkaneessuudhaaf xiyyeffannoo guddaa kennee hojjechaa jira. Kaayyoo diinonni biyya keessaafi alaa sirnaafi biyya sirnaan ijaaramte diiguuf kaayyeffatani hojjechaa turan gootota humna nageenyaafi hirmaanna ummataatiin fashaleessuun danda'ameera.

Caasaan nageenya abidda keessatti qoramuudhaan biyyaafi ummatasaatiif jecha dirqama kennameef kutanno olaanaafi amanamummaadhaan aarsaawwan guguddaa kaffaluudhaan biyyaafi naannichaa baraareera jedhan gabaasni qaama raawwachiistuu hojii Oromiyaa yaa'ii Caffee tibbana taa'amerratti pirezidaantii naannichaa Obbo Shimallis Abdiisaatiin dhiyaate. Qabxileen ijoon fuula kanaaf qindeessine kunooti

Ummanni naannichaa sochii nageenya mirkaneessuu, dimokraasii dhugoomsuuf birmadummaa biyya keenyaa kabachiisuuf mootummaan taasisaa ture keessatti dammaqinaan hirmaachuudhaan qabeenyaafi qaamaan caasaa nageenya deeggareera, akkaataa aadaafi safuuasaatiin gaachana sirnaatiin gurmaa'ee qe'esaa akka eeggatuuf hojii guddaa hojjetamaa tureera; ammas hojjetamaa jira.

Ummanni sirna waggoota 150 booda qabsoofi dhiiga ilmaansatiin argate tikfachuuf fedhiifi kutanno qabu olaanaadha. Kanaaf; har'as, borus ummata wajjin qindoofnee, kaayyoof gochoota badii diinaa irratti hubannoo kenninee hojjechuudhaan kaayyoon diigumsaa humnoota badii gonkumaa akka hinmilkoofne gochuu akka dandeenyu shakkii tokkoo malee ibsaa; dadhabbiifi aarsaa ummanni keenya sirnaafi biyya baraaruuf taasise kanaafis mootummaan naannoo Oromiyaa galata guddaa galchuu barbaada.

Diinota ergama badii fudhatanii naannoo keenya dirree waraanaa taasisuun sirnaafi biyya diiguuf kaayyeffatan irratti hojii oppireshiini gadi fageenya qabu karaa qindoomina qaamolee nageenya naannichaafi federaalaatiin hojjetamaa jira. Kanaafuu; mootummaan ammas dhimma nageenyaatiif xiyyeffannoo guddaa kennuudhaan humnoota badii hidhannoorn ummata keenya irratti gocha sukkaneessaa raawwachaa turanifi qabeenya ummataa saamaa turan daandii akka qabatan gochuuf hojjetamaa kan jiruudha.

Gama hariiroo naannolee olla cimsuuf walitti bu'iinsa ittisuufi hiikuutiin hojii hojjetameen; karoori waloo naannoo hanga aanaaleetti qophaa'ee mariiwan garaa garaa hawaasaafi caasaa olla gidduutti gaggeeffamaa tureera.

Walitti bu'iinsa darbee darbee naannoo daangaatti sababoota adda addatiin uumameefi buqqaatiit uumame hiikuudhaaf mareefi konfaransiin ijaarsa aadaa nagaafi

araaraa naannolee waliin gaggeeffamee rakkooowwan yeroo dheeraaf harkifachaa turanis hiikuun danda'ameera.

Hawaasa naannolee ollaa misoomaan walitti hidhuufi obbolummaa ummata Oromo fi naannolee ollaa daran cimsuuf pirojekti manneen barnootaa Ifa Boruu naannolee ollaa shan keessatti ijaaruudhaan hawaasa misoomaafi jirenya hawaasummaan walitti hidhuudhaaf hojjiin hojjetame ummata Oromoottif hiika guddaa kennisiisee jira.

Mootummaan olaantummaa seeraa kabachiisuuf tarkaanfii fudhataa jiruun nageenya ummata keenyaa kan yeroo kamuu caalaa amansiisa gochuuf kutannoofi gahumsa kan qabu yommuu ta'u; qamni karaa nagaa nan qabsaa'a, garaagarummaa jiru mariifi marabbaadhaan ilaaluuf bu'uura heeraafi seeraatiin ittigaafatatummaa fudhadhee nan dhufa jedhu jiraannaan qophaa'ummaan akka mootummaatti jiru olaanaa akka ta'e ibsuun barbaada.

Gama olaantummaa seeraa fi haqa lammilee mirkaneessuutiin hojiiwwan hojjetamaa jirani; hawaasni hubannoo seeraa argachuun yakka raawwachuurraa akka ofqusatuufi akka balaaleffatuuuf namoonni miliyoona 16.9 (%83) hubannoo seeraa argataniiru.

Bara 2015 kana keessatti; Eeruu yakkoota dhimma ummataa kuma 57 ol dhiyaatan keessaa kuma 38 ol (%67.5) qulqulla'ee kan xumurame yommuu ta'u; harcati eeruu %23tiin hir'isuuf karoorfamee %14.8titti hir'isuun hojjiin gaarii hojjetameera.

Gama himata yakkatiin galmeed dimshaashaa kuma 45 ol keessaa galmeen kuma 42 ol (%92.4) murtii mana murtii kan argatan yommuu ta'u; kan murtii mana murtii argatan keessaa murtiin adabbii adda addaa kuma 36 ol (%86.3)fi murtiin bilisaa 1,849 (%4.3) akkasumas beellamaan kan jiru galmeed 349 yommuu ta'u; kunis dandeetii adabsiisu abbaa alangaa %96 irraan gahuuf karoorfamee %95.2 qaqqabsiisuun danda'ameera.

Duula yakka malaammaltummaarratti gaggeeffamaa jiru cimsuuf barana koree dhimma kana irratti xiyyeffatee hojjetu akka naannootti manneen hojii mootummaa dhimmi ilaallatu irraa hundeessun hojjiin egalame ittifufeera. Haaluma kanaan; eeruu dimshaashaa yakka malaammaltummaa 1,920 dhiyaate keessaa 1,431 (%74.5) qulqulla'ee kan xumurame yommuu ta'u; sababa himatamaaf ragaan dhabamuun galmeen 35 (%1.8), kan adda cite ta'ee; galmeen 454 (%23.6) immoo qoratamaa kan jiruudha.

Hojii farra malaammaltummaa hojjetamaa jiru kanaan; qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e qarshii miliyoona 2.6 dhorkisiisuun kan danda'ame yommuu ta'u; qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa ta'e tarkaanfii bulchiinsaafi falmiin tilmaamni isaa qarshii miliyoona 1.1 ta'u kaazinaa mootummaatti akka deebi'u taasisuun danda'ameera.

Dantaa hariiroo hawaasaa dhimma



mootummaafi ummataa kabachiisuuf hojji hojjetameen gorsaafi falmiidhaan qarshii biliyoona 2.2 ol galii taasisuun; dandeetii mo'achuu dhimma mootummaan himatu %72 raawwachuuuf karoorfamee %96 raawwachuuun danda'ameera.

Qindoomina hojii muummicha odiitara waliin taasifameen argannoo odiitii manneen hoji mootummaa sadarkaa naannoo irratti argame qarshii biliyoona 6 keessaa mallqaan kan deebi'e qarshii miliyoona 14.4fi sanadaan kan srrate qarshii biliyoona 4.2 waliigalaan qarshii biliyoona 4.2 kaazinaa mootummaatti akka deebi'uufi srratu taasifamee jira. Haaluma walfakkaatuun; sadarkaa godinaa, aanaaleefi magaalotaattis hojii hojjetameen; odiitii muummicha odiitaraa /odiitii alaatiin maallaqaan qarshii miliyoona 307.2, sanadaan qarshii miliyoona 237 ol walitti qarshii miliyoona 544 ol kaazinaa mootummaatti akka deebi'uufi sanadaan akka srratu taasifameera.

Akkasumas; argannoo odiitii keessaa/ idileetiin qarshii miliyoona 294 ol deebi'suu fi miliyoona 84.6 sanada srrate dabalatee waliigalatti qarshii miliyoona 379 ol saanduqa mootummaatti deebisiisuufi sanadaan srresisuun kan danda'ame yommuu ta'u; Liqii Baankii Siinkee ala bule deebisiisuufi hojii qindoominaan hojjetameen qarshii miliyoona 500 ol deebisiisuun danda'ameera.

Bishaan dhugaatii qulqulluu waliin gahuuf hojii hojjetamaa jiruun; bara kana piroojeektoota sadarkaa Naannoo 61 giddugaleessaan %31.4 hojjechuuf karoorfamee %85.4 raawwachuuun kan danda'ame yommuu ta'u; haluma kanaan piroojeektoota gurguddoo sadarkaa Naannoo rakkoo bulchiinsa gaarii ta'an 26 fi kan sadarkaa godinaa 95 xumuruun tajaajilaaf banaa gochuun danda'ameera.

Walumaagalatti; pirojektota bishaan dhugaatii baajataa mootummaa, mitimoottummaa, sagantaalee gara garaafi hirmaanna hawaasaatiin 9,099 kan xumuraman yommuu ta'u; waliingahiinsa bishaan dhugaatii Naannoo keenyaa dhuma bara bajata 2014ti %80.2 irra ture bara

2015ti %83.1tti ol guddisuuf karoorfamee hojii hojjetamaa tureen; ummata miliyoona 3.8 fayyadamaa bishaan dhugaatii qulqulluu taasisuun; uwvisni bishaan dhugaatii naannichaa gara %86.7tti (baadiyyaa %87.9fi magaala %88.3tti guddisuun danda'ameera.

Iiskiimota bishaan dhugaatii tajaajila hinkennine %5.9 irraa gara %5.6tti gadi buusuuf karoorfamee hojii hojjetameen hojii suphaa buufataalee bishaan dhugaatii barana gaggeeffameen gara %5.1tti gadi buusuun danda'ameera.

Hojiiwwan misooma teknolojii inarji haaromfamaan ijaarsa soolaarii dhaabbilee hawaasaa 10, teknolojii baayoo gaazii 1,741 akkasumas geemoowwan qoraan quasatan kuma 690 ol (%89) dhiyeessuufi raabsa soolaarii akaakuuwwan adda addaa kuma 77 ol (%97.2) gaggeessuudhaan walumaagalatti; ummata miliyoona 4.6 fayyadamaa inarji haaromfamaa taasisuun danda'ameera.

Badhaadhina waloo mirkaneessuun jirenya lammilee fooyessuuf dargaggooni misooma gaggeeffamu keessatti hirmaachuun akka fayyadamanifi hojii carraa hojii dhaabbii miliyoona 2.2 uumuuf karoorfamee miliyoona 2.3 (%104.5) fi carraa hojii yeroo kuma 618 (%206) uumuun waliigalaan lammilee miliyoona 2.9 (%118) ta'aniif carraa hojii uumuun danda'ameera.

Dargaggooni carraa hojii argatan kunniin dafanii gara hojii qabatamaatti akka galan gochuuf hordoffi taasifamaa tureen rakkoo bakka omishaafi gurgurtaa furuuf lafa hektara kuma 67 ol (%113), sheedii haaraa, sheedii turtii xumureefi sheedii seeraan alaa qabame deebisiisuun waliigalaan sheediwwan 11,046 (%145) akkasumas walitti hidhamiinsaa gabaa qarshii biliyoona 27.9 (%187tti tilmaamamuun kan uumame yommuu ta'u; hanqinaa ka'uumsa kaappitaalaa furuuf sochii taasifamaa tureen liqii qarshii biliyoona 4.6 (%92) mijeesuu, liqii ala bule qarshii miliyoona 372.5 (%42) fi liqii bilchaate qarshii miliyoona 851 ol

“Waan gad dhaabantu nama dhaaba”

- Abbaa Gadaa Maccaa Warqinaa Tarreessaa

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Aadaafi duudhaan Oromoo lalismummaifi magariisummaa waliin hidhata jabaan akka qabu Abbaan Gadaa Maccaa Warqinaa Tarreessaa ibsan.

Abbaan Gadaa kun sagantaa ashaaraa magariisaa ilaachisee addatti Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaif akka ibsanitti, magariisummaan falaasamaa jiruufi jirenya Oromoo keessatti gulantaa olaanaa waan qabuuf biqiltuu dhaabuufi kunuunsuun duudhaa Oromoo ganamaati.

Oromo mukkeen keessaa muka filee mukkeen akka birbirsa, danbii, ejersa, waddeessaafaa mukkeen ulfoo jedhee kan waamu ta'u eeranii; mukkeen ulfoo kanneen muruun haa hafutii qottoyyuu akka itti hin naanneeffanne hubachiisaniiru. Mukkeen ulfoo keessaa tokko kan ta'e muka odaaf Oromo mukkota addunyaa kanarra jiran keessaa iddo addaa qabas jedhaniiru.

Akka isaan jedhanitti, Oromo odaa jalatti seera baasa, seera qajeelcha, seera lallaba.

Oromo muka birbirsa itti irreenfata, Muka danbiifi heexoos Oromo qoricha garaagaraatiif itti fayyadama waan ta'eef mukkeen kanneenif jaalala addaa qaba.

Gaa'ila dura dargaggeessi yookiin durba gaa'ilaaf qophoofta heexoo dhugu. Kana malees, yeroo waraanaa namni gara waraanaa adeemu heexoo dhuga. Baalli muka danbiis qorichaaf daran barbaadama. Dhiirri yeroo fuudha deemu ejersa harkatti qabatee dhaqa. Akka aadaa Oromoottis mukkeen ulfoo kana baalasaaniiliee irraa ciratu malee hundeerraakka hinmurre ibsaniiru.

Mukkeen ulfoo kanneen yoo muraman gariinsaanii tasuma hinlatan, gaariinsaanii ammoo yoo muraman deebei'anii latuuf waggoota hedduu gaafatu jedhani; hariroo aadaan Oromo magariisummaa faana qabu yoommuu ibsan, aadaafi duudhaaleen Oromo kan raawwataman lafa jiidhaqabeessarrati ta'u himaniiru.

Gumaa baasuufi seera muruuf iddo magariisatti walgha, bokkuullee yeroo

baasan lafa magariisarratti baasu, Abbootiin gadaalle yommuu eebbisanaa lafa jiidhaarratti marga jiidhaa qabatanii eebbisus jedhaniiru.

Aadaa Oromo keessatti biqiltuu dhaabuun daran jajjabeeffamaa kan jedhan Abbaan Gadaa kun; faayidaa biqiltuu dhaabuun Oromo mammaaksaa yommuu ibsu "Waan gad dhaabantu nama dhaaba," jedha, jedhaniiru.

Biqiltuu dhaabuufi kunuunsuun waan aadaa saba Oromo ta'eef qofa osoo hintaane, gammoojjummaa hir'isuuf, faalama qilleensaa ittisuufi oomishafi oomishtummaa qonnaa dabaluuf daran kan gargaaru akka ta'e Abbaan Gadaa kun ibsaniiru.

Namni gara fuulduraatti biyya lallistuuf magariisa keessa jiraachu barbaaduufi dhalootaaf biyya guddatte dhaalchisu barbaadu hundi garaagarummaa kamiyyuu yaada keessa osoo hingalchin duula dhaabbi biqiltuu Wiixata dhufu taasifamurratti argamuun hirmaannaakka taasiusi Abbaan Gadaa kun waamicha dhiyeessaniiru.

Oromiyaatti hojettoota ...

taasifameen namootni ragaa barnootaa sobaatiin tajaajilaan jiran lama adda baasusaanii kan eeran ammoo Hogganaa Itaanaa Biirroo Siviil Sarvisii Naannoo Sumaalee Obbo Awwaalee Mahammadi.

Ragaa barnootaa sobaatiin hojjechuun, keessattu seektara fayyaatti miidhaansaa daran balaafamaa ta'u eeranii; osoo wal'aansa fayya hinbaratin waraqaa ogummaa bitachuun nama wal'aanuf ija jabaachuun hunda caalaa yakka hamaadha jedhan.

Akka naannichaatti, namootni ragaa barnootasaanii sobaa ta'erratti yeroodhaa gara yerootti tarkaanfi fudhachuutti dabalee namootni kunneen eessayyuu deemanii hojjechuun akka hindandeenyetti galmei gurraacha /black list/ irratti galmaa'aa jiru.

Ragaan sobaa, barnoota malee karaa qaxxaamuraatiin hojji argachuu waan ta'eef dhalootni gatii barnootaa daran akka gad buusu taasisaa yaada jedhuun gaaga'ama karaa qaxxaamuraatiin hojji ba'uun dhufu maqsuuf ragaa sobaarratti qabsoo jabaan adeemsifamaa jira jedhan.

Akka isaan jedhanitti, hojji maanuwaaliin rakkoo ragaa sobaa jalaa ba'uun waan hin yaadamneef hojmaatni teknolojiidhaan deeggarame iftoomeera.

Komishinichi ...

hundaa fedha. Waltajiin marii qopheessuu kan barbaachiseefis kanumaafi.

Hojiin hidhannoohiikkachiiusuolaantummaan raayyaa ittsa biyyaan kan adeemsifamu ta'u

kan ibsan komishinichi; komishinichi naannooleefi raayyaa ittsa waliin wal ta'uun daataa loltootaa adda baasuufi qindeessuurratti hojjetaa akka jiru himaniiru. Haaluma kanaan, yeroo darbe gara Maqalee deemuun dinkaana/kaampii loltoonni kunneen keessatti leenjii

ogummaa, qorqalbiifi siyaasaa itti kennamu adda baasuufi ibsaniiru.

Angoon komishinichaaf yeroo wagga lamaa qofa ta'uun ibsanii; hojji ulfaataa kana yeroo murtaa'e keessatti xumuruun rakkisaa ta'u

dhaabbiilee idil addunyaaifi kutaalee hawaasaa garaagaraa wajjin walta'uun yaaliif loltoota kuma 75 hanga baati Mudeetti deebisanii dhaabuuf sochiirra jiraachuufi kanneen kumaatamaan hafanis kan itti adeeman ta'uub hubachiisaniiru.

"Mindaan baatii ...

hidhateen warshicharra ga'een dokmantiin herregaa, chaappaa, kompiitara, cheekiin baankiifi meeshaleen biroo barbadaa'aniiru jechuun ibsan. Baankiin naannawaasanatti argamu waan saamameef lakkofsi herregas cufameera jedhan.

Sababoota kanneeni walqabatee rakkoo humnaa olii hoggansa warshichaa mudateen hanga haallii bakkatti deebei'utti mindaa hojjetaa kaffaluuf yeroo kan fudhatu ta'uus mindaa hojjetaa dhaabbataafi humnaa hanga baatii Caamsaa gara baankiitti akka ergameedha ibsa Kibxata darbe dhimmicharratti kennaniin kan eeran. Kan baatii Waxabajjii hojjetaa hojji waan hingalleef maneejimantiidhaan ilaalam

kan murtaa'u ta'uus ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, hojjetaa dhaabbiifi hojjetaa humnaa mindaan hinkaffalamneen kan baatii tokkoo qofa. Osso balaan Caamsaa 12 warshicharra hinga'in alseerummaa warshichatti hidda gadifageeffateen mindaan hinkaffalamne jechuun komiin hojjetootni warshichaa dhiyeessan soba jedhaniiru.

Dura taa'an waldaa hojettoota giruuppi industiriif sukkaaraa Obbo Guddisa Dassaalanyi mindaan hojettoota dhaabbiifi hojjetaa yeroo warshichaa kan baatii lamaa osoo hinkaffalamne turuunsaan dhugaadha. Ta'uus qaqqabsiisuu hojjetamaa jiraachu himanii; balaa baankiirra qaqqabeen kaffaltii raawwachuuf danqa ta'eera jedhan. Warshichis hojettoota kuma 12 ol qabaachu hubachiisaniiru.

Dhaabbi biqiltuu iftaaniitiif ...

2015 waamicha dhiyaate hojji jijiiruuf qophiin xumuramuu himaniiru.

Hogganaa Biirroo Qonnaa Naannoo Sidaamoo Obbo Mamihiruu Mokee iftaan naannichatti biqiltuu miliyoona 25 dhaabuuf qophii xumuruufi abbaan warraa kuma 260 waliigala namoota miliyoona 12 hirmaachisuun bakkeewwan dhaabbi biqiltuu 234 irratti kan dhaabamu ta'uun himaniiru. Biqiltuuwan dhaabbanis soorata namaafi beeyleladaaf akkasumas kunuunsa biyyeefi bishaaniif kan gargaaran ta'uun ibsaniiru.

Sadarkaa Pirezidaantti Itaanaatti Qindeessaa Kilaastara Baadiyyaafi Hogganaan Biirroo Qonnaa Naannoo Kibbaa Obbo Usmaan Suruur gamasaaniin, waamicha ministira muum mee bu'uura godhachuun naannichatti biqiltuu miliyoona 110 akka dhaabamu ibsaniiru.

Namni tokko giddugalaan biqiltuu 10 dhaabuun waliigala namooti miliyoona 12 biqiltuu akka dhaaban himaniiru. Barattoota, dargaggoota, dubartoota, abbootii amantaa, jaarsoliin biyyaa, hayyootaafi dhaabbileen garagaraa akka irratti hirmaatan yaadachiisaniiru.

Hogganaan Biirroo Qonnaa, Misooma Bishaaniifi Qabeenyaa Uumamaa Naannoo Gambeella Obbo Ajaak Uchaalaa, guyyaa jedhame kanatti naannichatti biqiltuu miliyoona sadii akka dhaabbatu himanii; biqiltuu dhaabbatu dhubbantaan 50 kan nyaataaf oolu ta'uun ibsaniiru.

Bakkeewwan bosonni irraa manca'etti biqiltuu bosonaa akka dhaabbatan eeranii; biqiltuu jirenya waan ta'eef dhaabuu qofa utuu hintaane kan dhaabbate qe'ee irraa eegaluu kunuunfamuu akka qabuufi namni hunduu dhaabbi biqiltuurratti akka hirmaatu waamicha dhiyeessaniiru.

Hogganaan Biirroo Qonnaa Naannoo Beanishaangul Gumuz biqiltuu miliyoona 10 dhaabuuf qophii xumuramuu ibsanii; kana milkeessuuf koreen tekniikaa hundeeffamee bakka biqiltuu dhaabbatutti biqiltuu geeejibsiisuu eegaluu hubachiisaniiru. Maango, avokaadoofi leemman akaakkuu biqiltuu dhaabbatani yommuu ta'an eegganoon dhaabuufi kan dhaabame kunuunfamuu akka qaban dubbataniiru.

Hoggantuu ittaantuun Biirroo Qonnaa Naannoo Amaaraa Doktar Almaaz Gizeewu naanichatti biqiltuu miliyoona 260 dhaabuuf qophii xumuramuu ibsaniiru. Biqiltuuwan dhaabamanis mala saayinsawaadhaan hordofuuf kaartaan qophaa'u beeksisiiru.

Biirroon Kominikeeshini Naannoo Oromiyas haaluma walfakkaatuun fuula miidiyaahawaasaasarratti akka ibsetti, guyyaa borii biqiltuu akaakkuu garagaraa miliyoona 481 dhaabuuf qophii barbaachisaa xumuruu ibseera. Ummati, barataa, barsiisaa, hojjetaa mootummaa magaalaafi baadiyyaatti argaman, daldalooti gaheesaanii akka ba'aniif waamicha dhiyeesseera.

Beeksisa

Mana maqaa Aadde Romaan Laqaawu kan galmaa'ee beekamu Magaala Bishoofuu Ganda 01 Lakk. Kaartaa BIW4/545/04 ta'e bal'inni isaa 210m² ta'e galmeen nu jalaa badeera jedhanii waan iyyataniif namni kaartaa kana harkaa qabu yoo jiraate guyyaa beeksisi kun bahe irraa eegalee guyyaa 21 keessatti Waajjira Lafaa Magaala Bishoofuu qamaan dhiyaatee akka ibsu beeksisa kun ta'uun baannaan garuu Wajjirri Lafaa Magaala Bishoofuu kaartaa haaraa maqaa isaanitiin hojjetee kenuuf kan dirqamu ta'uun ni beeksisa.

Waajjira Lafa Bulchiinsa Magaala Bishoofuu

Beeksisa

Ragaan qabiyyee iddo waan jirenya kaartaa lakk. SW/5916/2000 fi guyyaa 19/12/2000 kennname maqaa Obbo Heenook Waldaay tiin galmaa'ee jiruufi nagahee miriitii lakk. 2201562 fi guyyaa 24/08/99 kutame maqaa Obbo Tashoomaa Taayyee tiin galmaa'ee jiru nujalaan bade jechuun waajjira keenyatti waan iyyataniif ragaa kana argine ykn kiyya kan jedhu yoo jiraate guyyaa Gaazexaan kun bahe irraa eegalee guyyoota 20 (digdama) keessatti Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaala Shaggar Kutaa Magaala Sulultaati dhiyaachuu akka beeksiftan beeksisa kun kan hin taane taanaan ragaa biraa hojennee kan kenniuuf ta'uun ibsaa beeksifni kun bahee guyyaan isaa irra darbee booda ragaan argame kun akka hin hojenne ibsina.

Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaala Shaggar Kutaa Magaala Sulultaati



Shaampiyoonaan guddattoota Oromiyaa olaantummaa Shaggariin goolabame

Waasihun Takileetiin

Shaampiyoonaan ispoortii Olompikii guddattoota Oromiyaa 8ffaa Magaalaa Adaamaafi Asallaatti gaggeeffamata olaantummaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggariin goolabamu Biirroon Dargagoofi Ispoortii Oromiyaa beeksise.

Dorgommii Shaampiyoonaan ispoortii guddattoota Oromiyaa 8ffaa magaalaa Adaamaafi Asallaatti guyyoota torbaaf gaggeeffame kun olaantummaa Bulchiinsa Magaalaa Shaggariin xumura argateera.

Dorgommii akaakuwwan ispoortii gara garaa korniyaawwan lameenii kan gaggeeffame shaampiyonichi kanneen injifatan badhaasuufi beekamtii addaa kenuun xumurameera. Hogganaa Ittaanaan Biirroo Dargagoofi Ispoortii

Oromiyaa Obbo Dassaalanyi Xilaahun sirna cufinsa shaampiyoonaichaarratti argamuun badhaasaafi beekamtii kennnaniiru.

Ispoortiin Olompikii bifa kanaan gaggeeffamuunsaa misooma ispoortii daran kan cimsu, hariiro obboleeyyanii kan jabeessu kanamalees atleetiksii Oromiyaa maqa Itoophiyaa ittiin waamsisaa jirtu jajjabeessu keessatti bakka olaanaa akka qabu ibsaniiru.

Guddattoota injifanno galmeessisanifii beekamtii fi waancaa kenuun waldorgommichi kan goolabame yoo ta'u, mudaa tokko malee xumuramuunsaa ispoortiin jaalala isa jedhu hojiitti kan hiikeedha jedhaniiru.

Haaluma kanaan Bulchiinsi Magaalaa Shaggariin gama hundaan olaantummaadhaan



dorgommicha kan xumure yoo ta'u, badhaasaafi beekamtii Obbo Dassaalany harkaa fudhataniiru.

Shaampiyoonaan alanaa akaakuwwan ispoortii gara garaafii paaraa olompikii kan hammate yoo ta'u, misooma ispoortii

Oromiya keessatti babal'isuuf hojjetamaa jiru akkasumas dargaggooni qaamaafi sammuun akka ijaaraman shoora olaanaa waan taphatuuf cimee ittifufuu akka qabu ibsameera. Biirroo Dargagoofi Ispoortii Oromiyarraa odeeefanne.



"Sochii bal'aa ...

Buusaa Gonofaa qarshii biliyoona 1.4 (%84) walittiqabuun danda'amuu ibsu.

"Ummanni Oromoo afaan, aadaa, seenaafi aartiin isaa akka dagaaguufi beekamu, akkasumas meeshaa walqunnamtii ta'u bira dabree bu'aa dinagdeefi siyaasaa irraa akka argatu taasisuuf tarsiimoo warraaqsa aadaa bocameen haaromsi aadaa Oromoo kan gaggeeffamu yommuu ta'u, aartiin Oromoo guddina ummatichaafi ijaarsa biyyaa karaa tiksuan haaromsa hawwisoos 12fi sarkasii afur meeshaalee ammayyaafi teeknoolojin irra gahe akka hidhatan taasisuun aartiin Oromoo karaa ummata Oromoo madaaluun dorgomaa taasisuuf xiyyeffannaan kan hojjetamu ta'a" jedhu.

Duudhaa Oromoo ganamaatti deebi'u eegaluu keenyaan walergaarsaafi sirna misooma waloo ummata keenya jalqabamanii bu'aa olaanaa galmeessisa jiran daran cimsuun kan ittifufu ta'u kaasanii, kenna tajaajila lammummaa hojiirra oolchaa dhufame daran gabbifachaa sosochii hawaasaa bal'aa ta'en hoji kenna tajaajila lammummaa qarshii biliyoona 91.9tii tilmaamamu raawwachuu karoorfamuu ibsu.

Akkasumas; duudhaa walergaarsa hawaasaa cimsuun balaa namtolcheefi uumamaa dandamachuuf miseensa buusaa gonofaa miliyoona torba horachuu waliigalaan gumaata buusaa gonofaa irraa qarshii biliyoona 2.28 horachuu karoorfamuu Caffeef ibsaniiru.

(%93) deebi'eera.

Lammii ogummaa gonfate horachuu dandeetti carraa hojii uummachuu guddisuuf leenjifamtoota idilee haaraafi buleeyyi kuma 179 ol simachuu sochooftoota IMX miliyoona 2.1 (%114) ta'aniif leenjiin gaggabaaboo kan kennae yommuu ta'u; leenjifamtoota leenjiin gaggabaaboo madaalli gahumsa oguummaa fudhatan kuma 97 ol keessaa kumni 94 ol(%96), leenjiifamtoota leenjiin xumuranii madaalamen 38,512 keessaa 15,756 (%41), Qonnaan bultoota 14,049 madaalamen keessaa 13,553 (%96) gahoomanii jiru.

Bifumaa walfakkaatuun; qorqalbi biizinasi dagaagsuufi aadaa hojii fooyyessuuf hojii hojjetamaa tureen; qaamoolee hawaasa adda addaa kuma 579 ol ta'aniif leenjiin intarpinarshippii kan kennae yommuu ta'u; ogummaafi beekumsa hawaasa bira jiru leenjiifi teknolojidhaan dagaagsuun leenjiin industiri godoo namoota kuma 88 ol (%100) kennaeen namoonni kuma 39 ol ta'an hojitti akka galan taasifameera.

Gama birootiin; dorgomtummaan intarpiraayizoota akka guddatu gochuun omisha qulqulluufi gahumsa qabu akka omishan taasisuuf qaawwa addaan bahe irratti hundaa'un intarpiraayizoota haaraafi

buleeyyi kuma 198 ol (%166) tajaajilli ekisteenshini industiri kan kennaeef yommuu ta'u; teknolojiwwan bu'aa qabeessummaansaanii mirkanaa'e 6,039 ta'an intarpiraayizoota dabarfameera.

Intarpiraayizoota bu'aa qabeessaa ta'an uumuun dargaggooni keenya carraa hojii argachuu bira darbanii abbaa qabeenya akka ta'anii fi bu'uura industiri buusuuf akkaataa guddina isaaniti ceessisuuf hojii hojjetamaa tureen; intarpiraayizoota kuma 184 ol (%108) gara sadarkaa adda addatti kan ce'an yommuu ta'u; kanneen keessaa intarpiraayizoonii 1,021 gara guddatuu giddugaleessaati ceesisiun danda'ameera.

"Aarsaa ummanni sirnaafi biyya ...

2015/16n walqabatee; xaa'oo waliigalaan kuntaala miliyoona 9.2 dhiyeessuun raabsuuf karoorfamee; akka waliigala biyyaatti hanqina xaa'orraa kan ka'e naannichaaf kan hayyamamee bitame kun miliyoona 5.9 yommuu ta'u; kan bitame keessaa kuntaalli miliyoona 3.5 (%60) Oromiyaa qaqqabeera.

Xaa'oo mankuusaa bule dabalatee xaa'oo kuntaalli miliyoona 4.77 waliigalaan dhiyaate keessaa kuntaala miliyoona 3.5 raabsameera. sanyii filatamaa akaakuwwan adda addaa kuntaalli kuma 370.8 (%36) kan raabsame yommuu ta'u; keemikaaloni liitira miliyoona 2.3 dhiyaatee miliyooni 1.2 (%63) raabsameera.

Daballii gatii fi hanqina dhiyeessii xaa'oo akka addunyaatti mudate akkuma jiruutti ta'ee; qonnaan bultooti bal'inaan xaa'oo uumamaa qopheessuun akka ittifayyadamanifi hojii bal'aan hojjetamaa kan jiru yommuu ta'u; bara kana kompoostii idilee meetir kuubii miliyoona 96.7 (%97) qopha'eera.

Karoora imala badhaadhinaa qabanne karaa milkaa'ina hundagaleessa ta'en galmaan gahuuf hojimaata sirna hordoffifi deeggarsaa qinda'aafi qaqqabamaa ta'e sadarkaa hundatti karaa cimina qabuun hojiirra kan oolu yommuu ta'u; murtoo haqa qabeessa ta'e kennuuf faayidaa ragaan qabu olaanaa waan ta'eef; ragaan naannoo keenya teeknoolojiin

akka deeggaramu kan taasifamu fi gama kanaan sirna gaafatatummaa hojiirra oolchuu jalqabame cimee kan ittifufu ta'a.

Karoori bara bajataa 2016 kun; karoora hixataafi haala barame keessaa buuu yaadaafi qophaa'ummaa olaanaadhaan hogganuu kan gaafatu akkasumas imala badhaadhinaa jalqabne karaa qajeeltoo irra kan nu geessisuufi fayyadamummaa uummata keenya caalaatti itti mirkaneessinu waan ta'eef; akkuma barottan darbanii rakkolee nu mudatanifiituu hinjilbeeffatiin qindoominaan hojennee imaanaa lammummaa keenya akka baanun dhaama jedhan.

Hojiilee guguddoo bara bajataa 2015tti ...